

## Pirojektiin Holqa Soofumar bara dhufu akka xumuramuuf tumsi ni taasifama

Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Ijaarsi pirojektii riizortii daandiiwwanii Holqa Soofumar adeemsifamaa jiru bara dhufu akka xumuramuuf tumsi barbaachisu kan taasifamu ta'uu Ministirri Muummee Abiyyi Ahimad (PhD) ibsan.

Doktar Abiyyi tibbana jilasaanii waliin ijaarsa pirojektii Holqa Soofumar wayita daawwatan akka ibsanitti, Holqi Soofumar icciitii seenaafi amantaa bal'aa waan qabuuf suuraafi viidiyoon nama daawwatee

Gara fuula 14tti



Ambaasaddar Mahaammud Dirir

## Mariin Biyyaalessaa furtuu rakkoolee barootaa biyyattii ta'uun ibsame

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Mariin biyyaalessaa furtuu rakkoolee walxaxoo barootaa biyyattii raasaa jiranii

Gara fuula 14tti



Obbo Mirreessaa Fiixee

## Godinichatti namootni Finxaaleyyiin buqqa'an kumni 89 gara qe'eesaaniitti deebi'an

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Tarkaanfii qindaa'aa milishaa, ummataafi Raayyaa Ittisa Biyyaan inxaaleyyiiratti fudhatameen namootni kuma 89 qe'eesaaniirraa buqqa'ani turan gara qe'eesaaniitti deebi'uu Bulchiinsi Godina Horroo Guduruu Wallaggaa ibsan.

Gara fuula 14tti

## "Itoophiyaatti tiraanisfoormeeshiniin dijitaalaa jijjiirama gaarii fidaa jira"

- Obbo Tamasgeen Xurunaa

Natsaannat Taaddasaatiin

**Finfinnee:** Ekispoon Istiraayidii Itoophiyaa ('Strid Ethiopia Expo') mataduree 'Saayinsiin balbala bana, Teknolojiin walitti hidha, Kalaqni fuulduratti tarkaanfachiisa' jedhuun Caamsaa 10-18 bara 2016tti Finfinnee, Godambaa Saayinsiitti adeemsifamaa jira.

Ekispoo qindeessummaa Ministeera Inoveeshiniifi Teknolojiitiin qophaa'efi Ministira Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmadiin ifatti baname kanarratti bu'aaleen kalaqa teknolojii imala biyyattiin gara dinagdee dijitaalaa ce'uuf taasiasa jirtu mul'isan agarsiisaaf dhiyaataniiru.

Ministirri Muummee Ittaanaan Obbo

Tamasgeen Xurunaa mariin paanaalii dinagdee dijitaalaa Itoophiyaarratti xiyyeeffachuun dheengadda Galma Godambaa Saayinsiitti adeemsifamerratti akka jedhanitti, tiraanisfoormeeshiniin dijitaalaa kenniinsa tajaajila mootummaa si'eessuufi carraa hojii bal'aa uumuu keessatti gahee guddaa qaba. Dhaabbileen dhuunfaafi mootummaa ce'umsa dijitaalaa yeezeshinii mirkaneessuu keessatti gahee isaanirraa eegamu bahachuu akka qaban hubachiisaniiru.

Tiraanisfoormeeshiniin dijitaalaa guddisuun jijjiirama hundagaleessa fiduuf kan gargaaru ta'uu himanii, ittifayyadamni teknolojii jireenya

Gara fuula 14tti



# ODUU

## Dhaabbii biqiltuu baranaaf lafa hektaara kuma 624f kaartaansaa qophaa'e

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Lafa dhaabbii biqiltuu bara kanaa hektaara 624 ta'uu kaarta mul'isu qophaa'uu Koreen Teknikaa Ashaaraa Magariisaa Biyyaalessaa ibse.

Walitti qabaan Koree Teeknikaa Ashaaraa Magariisaa Biyyaalessaa Doktor Adafriis Warquu Kibxata darbe Gaazeexaa Bariisaaf akka ibsanitti, lafa biqiltuun irra dhaabbatu hektaara kuma 624 kaartaan mul'isu qophaa'eera. Waliigalaan dhaabbii biqiltuu bara kanaaf kaarta mul'istuun lafa hektaara kuma 700 qopheessuuf karoorfamee hojjetamaa jira. Kan hafes yeroo hafe keessatti qophaa'a.

Akka ibsasaaniitti, kaarta kana qopheessuun qaamolee dhaabbii biqiltuu hoggananiifi raawwachiisan gidduutti yoomessaafi akaakuu biqilaa dhaabamee adda baasuun iftoominni akka uumamu taasisa. Kaartichi biqiloota dhaabbatan qabachuufi goguu hordofuuf gumaacha olaanaa qaba. Kana malees, dhaabbiin biqiltuu gara fuulduraattii gaggeeffamuufis humna namaa barbaachisuufi baay'ina



Doktor Adafriis Warquu

carraa hojii uumamuu danda'uu adda baasuuf gargaara.

Bu'aa biqiltuu nyaataaf dhaabamurraa argamu tilmaamuun walitti hidhamiinsa gabaa uumuuf shoorri kaarta mul'istuu kun olaanaa ta'uu himanii; kunis qonnaan bulaa fayyadamaa taasisuudhaan ilaalcha ashaaraa magariisaa kaleessa ture jijjiiruu danda'a jedhaniiru.

Buufataaleen biqilaa babal'achuun xaa'oo uumamaa kan akka varmiingi komposti

bakka itti qophaa'uu ta'uusaan hanqina xaa'oo maksuuf gumaacha olaanaa qaba. Dabalataanis, bakka horsiisa kanniisaafi beeyiladaa ta'uun madda galii dabalataa akka ta'uuf haala mijaawaa uuma. Kun kan milkaa'u yoo kaarta mul'istuun argama biqilaan adda ba'ee sirnaan hojjiirra ooleedhas jedhaniiru.

Sadarkaa addunyaattis dhaabbileen addunyaa deeggarsa ashaaraa magariisaaf taasisa biqiloota dhaabbatan qabatamaatti arganii akka hubatan taasisa. Dhaabbileen kunneenis deeggarsa taasisuuf propoozaala deeggarsaa yoo gaafatan dhiyeessuuf bu'aa qabaachuu himanii; jijjiirama haala qilleensaa maquuf sadarkaa addunyaatti ifaaja taasisamaa jiru keessatti gumaachi Itoophiyaa haalaan kan mul'isuu ta'uu ibsaniiru.

Qophii mul'istuu argama biqiloota qopheessuu cinatti qophii boolla biqiltuwwan biliyoona 7.5 dhaabuuf karoorfame keessaa, biliyoonni 1.2 hanga ammaatti qophaa'eera. Lafa biqiltuun irra dhaabbatu hektaara miliyoona 1.8 adda ba'uu himanii; boolli hafe guyyaan dhaabbii osoo hinga'in ji'a tokko dura qophaa'uu akka qabu dhaamaniiru.

## Manni marichaa milkaa'ina marii biyyaalessaaf gaheesaa ba'achaa jira

Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Manni Maree Dhaabbilee Siivilii Hawaasaa milkaa'ina marii biyyaalessaatiif ajandaa marii gumaachuun gaheesaa ba'achaa jiraachuu ibse.

Daarektarii eeggattuun mana marichaa Aadde Haannaa Waldagabri'eel Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, manni marichaa bakka bu'iinsa dhaabbilee siivilii qabuun dhaabbilee siivilii 365 hirmaachisuun marii biyyaalessaatiif "Ajandaa marii ta'uu malu" kan jedhe dhimmoota guguddoo 11 adda baasuun komishinichaa gumaacheera.

Boqonnaawwan qophii, adeemsaafi raawwii marii biyyaalessaa keessatti dhaabbileen siivilii kunneen hirmaannaa bu'a qabeessa akka taasisaniif manni marichaa hojii hubannoo cimsuu bal'inaan taasisaa turuu yaadachiisaniiru.

Dhaabbileen Siivilii maricha keessatti gahee leencaa akka taphataniif garee gareedhaan qooduun hojii hirmaattota marii biyyaalessaa filachuu keessatti dammaqinaan akka hirmaatan gochuuf dhaabbilee kunneeniif qajeelfamni irra deddeebiin laatameera.

Hirmaattota marichaa filachuu keessatti dubartootni, dargaggootni, miidhamtoonni qaamaafi buqqaatotni biyya keessaa bal'inaan akka hirmaatan gochuuf karaa dhaabbilee hawaasa siivilii haala dadammaqiinsa uumuufi kallattii itti agarsiisuurratti manni marichaa hojii bal'aa hojjetaa tureera.

Manni marichaa biyyattiitti haala nageenya waaraa mirkanessuun danda'amu, hariiroo gaariin sabaafi sablammoota gidduu jiru itti cimsuun danda'amu, haalota aadaa siyaasaa biyya kanaa itti jijjiiruun danda'amuufi karaalee dhimmoota hundarratti qaamolee hawaasaa moggeeffaman hirmaachisuun danda'amu bu'ura godhachuun dhimmoota ajandaa ta'uu danda'an adda baasera.

Dhimmoota ajandaa ta'uu danda'an adda baasuufis manni marichaa kutaalee hawaasaa waliin marii taasisuudhaaniifi karaa dijitaalawaa ta'een dhaabbileen siivilii hawaasarraa ajandaa marii akka funaanan gochuun dhimmoota funaanaman ogeessota garaagaraa waliin ta'uun bakka 11tti qooduun komishinichaa dhiyeesseera.

Dhimmootni ajandaa marii biyyaalessaaf galtee ta'uu malu jedhaman kunneenis dhimmoota heera mootummaa, qoodinsa aangoofi qabeenyaa, nageenya amansiisaa, scenaafi seenessaa, haala hundeeffama sirna federaalizimii, sirna hojimaataafi bulchiinsa lafaa, haala itti fufiinsa ijaarsa dhaabbilee mootummaa, imaammata duudhaalee biyyaalessaa, hariiroo siyaasaafi amantii, aadaa siyaasaafi qaamolee deeggarsa adda fedhaniidha.

Nagaa dhabuun akkuma lammiilee biyya kanaa hunda miidhu, milkaa'inni marii biyyaalessaa nama hunda fayyada kan jedhan Aadde Haannaa; milkaa'ina marichaatiif namootni dhuunfaan, dhaabbileen mootummaafi miti mootummaa gumaacha isaanirraa eegamu taasisuu akka qaban dhaamaniiru.

## Qaala'iinsa jireenyaa furuuf tarkaanfiiwwan qabatamaan fudhatamaa jiran

Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Qaala'iinsi jireenyaa rakkoo addunyaa ta'us biyya galiin ummataa irra jireessa gadaanaa ta'e, Itoophiyaatti gaaga'amni inni fidu olaanaadha.

Mootummaan tarkaanfii qaala'iinsa jireenyaa cinatti rakkoo hoji dhabdummaarratti fudhataa jiruun jijjiiramni qabatamaan dhufuu danda'eera. Qaala'iinsi jireenyaa bara darbe %33.5 ture ammaan tana gara %23.3tti gad bu'uu bira darbee xumura baranaatti gara %20tti akka gad bu'uuf irratti hojjetamaa jira.

Ministeerri Karoorraafi Misoomaa raawwii hojii ji'oota saglan darbanii ilaalchisee Wiixata darbe wayita miidiyaaleef ibsa kennetti mootummaa rakkoo qaala'iinsa jireenyaa furuuf tarkaanfiiwwan qabatamaa fudhataa jira.

Ministirri Karoorraafi Misoomaa Doktor Fitsum Asaffaa akka jedhanitti, bara darbe qaala'iinsi jireenyaa akka dhiibbaa dhiigaa lammiilee sammuutti ol ba'uun walqabatee mootummaan dhangalaatii maallaqaa akka malee gabaa keessatti mudatu gogsuuf imaammata maallaqaarratti tarkaanfii jabaa fudhateera.

Hangi liqii baankotaas dhibbantaa 14 qofatti murtaa'eera. Akka addunyaatti gatii boba'aa ol ka'uun qaala'iinsa jireenyaa hammeessaa jiru maqsuuf qarshii biliyoona 29 ta'uun boba'aa hirpheera. Omishaafi omishtummaa dabaluu cinatti qaala'iinsa gatii xaa'oon walqabatu maqsuuf qarshii biliyoona 16 bittaa xaa'oo hirpheera.

Biyya idaan mataa gubbaa yaabeefi dandaliin qaala'iinsi jireenyaa

bal'atee yaaddoo ta'ettii mootummaan tarkaanfiiwwan olitti fudhataman gahaa waan hintaaneeff wantoonni bu'uura kanneen akka zayitii nyaataa, shukkaaraa, ruuziifi kanneen biroo ashuurraa bilisa akka galan taasisa. Rakkoo qaala'iinsa jireenyaa hundeerraa furuuf omishtummaa damee qonnaaf xiyyeeffannaa kennameenis bu'aa qabatamaan argameera.

Qaala'iinsa jireenyaa maqsuufis ta'e guddina dinagdeef sharafni alaa dhimma murteessaadha. Bu'uuruma kanaan mootummaan alergii dabaluu hojii hojjetee galii doolaara Ameerikaa biliyoona 2.5 argame keessaa, doolaara miliyoona 275 sookoo (warqii) irraa kan argameedha.

Abbootiin qabeenyaa biyya alaa hojii investimantiirattiratti hirmaannaa kallattii akka taasisan gochuun doolaara biliyoona 2.8 argachuun danda'ameera. Lammilee Itoophiyaa biyyoota hamba jiraatanirraas rimetaansiin doolaari biliyoona 3.65 argameera. Yaa'iinsa tuuristiis kan bara darbeera kuma 100 caalmaa argisiisuun galii doolaari 3.2 argameera.

Inisheetivota garaagaraa kanneen akka Maaddii Guutuu, misooma qamadiifi ruuziifaa qaala'iinsa jireenyaa xiqqeessuu keessatti gahee leencaa taphachaa jiru. Bara darbe omisha ruuziirraa callaan kuntaalli miliyoona saddeet argame barana hanga ji'oota saglan darban qofatti callaa kuntaalli miliyoona 38 sassaabameera. Qamadii kuntaalli miliyoona 80n walittiqabameera. Aannan liitira biliyoona lamaafi killee biliyoona 1.9 akkasuma foon toonii kuma 200s omishuun qaala'iinsa gatii xiqqeessuu Doktor Fitsum bal'inaan



Doktor Fitsum Asaffaa

ibsaniiru.

Tattaaffii hoji dhabdummaa xiqqeessuuf taasisameenis waliigalaan namoota miliyoona 2.1f carraan hojii banameera. Namoonni kuma 278 ol biyyoota garagaraatti dameelee hojii addaddaarratti akka bobba'an taasisameera.

Ta'us potenshaala omishtummaa jiruun qaala'iinsi jireenyaa ammayyuu rakkoo jabaa ta'uu himanii; omishtootaafi shamattoota kallattiin walitti fiduuf hanqinni dhiyeessii geejjibaa jiraachuu eeraniiru. Sababa kanaaf gatiin midhaan nyaataa takka akka ol ba'uufi gad bu'u sababa ta'a jedhan.

Ta'us guddinni dinagdee biyyattii haala walxaxaa keessatti xumura baranaatti dhibbantaa 7.9 akka guddatu eegamaa jira.

# Ijoo Dubbii

## Milkaa'ina funaansa galteetiif

Seenaa Itoophiyaa keessatti walldhabdeewwan keessumaa kan siyaasaa mariidhaan furuurra humnaan furuuf yaaluutu caalee mul'ata. Addummaan yaadamaafi waliigaltee dhabuunis akkasuma. Kanaafis otoo fagoo hindeemin taateewwan dhiyeenya kana uumamanirraa hubachuun nidanda'ama.

Seenaa gootummaa jedhamee barootaaf akka jabduutti himamaafi bal'inaan seeneffamaa, dhalootaa dhalootatti darbaa kan tures taateewwanuma waraanaafi isaan walqabaaniidha.

Itoophiyaatti dhimmoonni hedduun irratti walii hingalamne baay'etu jiru. Walldhabdeewwan kanneen haala tasgabbaa'inaafi bilchina qabuun ilaafi ilaameedhaan karaa marii biyyaaleessaa furachuun dhimma filmaata hinqabneedha.

Akkuma bishaan darbe hinwaraabamu jedhamu inni darbe darbee amma akkuma Komishinari Komishinii Marii Biyyaaleessaa Ambaasaaddar Muhaammad Dirriir tibbana waltajjii tokkorratti, "Amma seenaa Itoophiyaa keessatti yeroo seenaa haaraa hojjechuun danda'amurra jirra" jedhan lammiin biyya kanaa hundi seenessa moofaa keessaa bahee gara seenaa haaraa hojjechuutti ce'uu qaba.

Komishiniin Marii Biyyaaleessaas rakkoolee bu'uuraa Itoophiyaatiif furmaata kennuuf waggoota lamaan darbanitti hojiilee haalduree hedduu hojjeteera, hojjetaas jira.

Marii biyyaaleessaa lammiileen biyyattii hundi walldhabdeewwan mul'atan mariidhaan ni furamu jedhanii abdataniin gara boqonnaa haaraatti ce'amu qaba. Biyyi waraana dhufaa darbaan hukutoofte, lammiin ibidda waraanni uumuun dhaloota hedduuf lubbuu dhabaa, gidiraa argaa ture adeemsa yaadameefi yaalamee hinbeekne, marii qofaan yeroo dhumaatiif furamee aaragalfin argamuu qaba.

Komishinichi qaamuma marii biyyaaleessaa kan ta'e waltajjii galtee marii irraa funaannatu Caamsaa 21 hanga 27 bara 2016tti turu Finfinnee eegalee gara naannolee hundatti ce'uuf qophii cimaa taasisaa jira.

Kanaaf hojiin funaansa galtee kun hirmaannaa ho'aa lammiileetiin haala hunda giddugeeffateen iftoominaafi bu'aaqabeessummaansaa mirkanaa'ee akka raawwatamu waan barbaadamuuf of eeggannoo cimaadhaan akka adeemsifamuuf qaamoleen hundi qoodasaanii bahachuu qabu.

Ummanni Itoophiyaa sochiifi hojii komishinichaa abdiidhaan eegaa ture waltajjii komishinichi qopheessurratti dammaqinaan hirmaatee waan marichaaf galtee ta'u gumaachuun qaama marii seenaqaabeessa kanaa ta'uu qaba.

Marichi tattaaffii waliigaltee biyyaaleessaa uumuufi biyya cimtuu ijaaruu eegalame bu'aa qabeessa taasisuuf daran kan gargaaru waan ta'ef dhaabbileen miidiyaa, paartiileen siyaasaa, jaarmiyaleen hawaasaa marti, waldaaleen ogummaafi lammiileen hundi qoodasaanii dammaqinaan bahachuu qabu.

Komishinichi dhimmoota bu'uuraa biyyaaleessaarratti waliigaltee uumuuf hojjechaa kan jiru yoo ta'u, Itoophiyaan rakkooshii mariidhaan akka furattuuf hanga ammaatti naannolee 12 biyyattiin qabdu keessaa 10fi bulchiinsota magaalaa lamatti hirmaattota fo'atee raawwachuun gara funaansa galtee marichaatti ce'uuf qarreeera waan jiruuf hunduu dammaqinaafi miira abbummaatiin qooda fudhachuu qaba.

Milkaa'ina marii akeeknisaa waliigaltee biyyaaleessaa uumu, ummataota, ummataafi mootummaa jidduutti walamantaa cimsuu ta'e kanaatiif qajeelfama ijoo, "Itoophiyaan mari'ataa jirti" jedhuun keessumaa miidiyaaleen ummataa, dhuunfaafi hawaasummaa marti foramii dhaabbatani hojjechaa jiraachuun waan guddaa waan ta'ef hojii dhimma murteessaa kanarratti hojjechaa jiran cimsanii ittifufuu qabu.

## Yaada/Ajandaa



## Hojii misooma koriidarii Finfinnee

Torban kana keessa hoggantoota hojii olaanaa magaalaa keenyaa waliin ta'uun hojiilee keenya misooma koriidarii naannofnee gamagaganneera.

Hojii keenya misooma koriidariin misooma daandii konkolaataa kiiloo meetira 48 ol, daandiiwwan lafoo deemtota lafa jalaa 4 , daandiiwwan babal'aa lafoo deemtota kiiloo meetira 96fi saayikilii kiiloo meetira 100, tiraakii fiigichaa kiiloo meetira shan, iddoowwan kenninsa tajaajila geejjibaa si'eessan tarminaalota fe'umsaafi bu'insa taaksiifi awutobisii 48, waliigalatti kiiloo meetira 240 ol kan ta'u bu'ura misooma daandiifi isaan walqabatu daaw'anneera.

Akkasumas iddoowwan bashannana ummataa miidhagina magaalattii dabalaa 70, faawonteeniifi iddoolee magariisaa, iddoolee aara galfannaafi bashannanaa, tapha daa'immanniifi pilaazota ummataa, manneen fincaanii 120 ta'an, sadarkaa tajaajila hojii mana qopheessaa magaalattii kan ol kaasan daddabarsiiuuwwan dhangala'oo, kaameeraawwan nageenyaa magaalaa keenya madaalan, sirna geejjiba keebilii (Intelligent Transport System) hojii lafa jala diriirsuu, gamoowwan 400 ol akka haaroman taasisneera.

Kana malees hojiilee halluufi ifaa sadarkaa magaalattii madaalaniifi ijaarsota biroo hedduu raawwachuun irratti kan argamnu yoo ta'u, hojiileen ijaarsa irratti argaman yoo xumuraman Finfinnee keenya akkuma maqaa ishee bareedduu, abaaboo,

jiraattotasheef mijattuu akkasumas giddugeeffateen hawwata idiladdunyaa magaalaa keenyaa dabalaa dhufe guddisuun iddo hawwata turistii filatamaa taasisuuf mul'ata galaa godhanne gama milkeessuurratti gahee olaanaa kan taphatan ta'a.

Bu'ura waadaa seenneen daandiiwwan murtaa'an (hojiilee xixiqqaarraa kan hafe) xumuree tajaajilaaf banaa kan taasisne yoo ta'u, (fakkeenyaaf addababa'ii Teediroos hanga Godambaa Yaadannoo Injifannoo Adwaatti, Daagolii hanga Kondominiyeemii Qay Bahaaritti, Araat Kiiloo hanga adda bahinsa Qiddista Maariyaamitti, addababa'ii Meeksiikoo hanga Saarbeetitti) kanneen hafanis aadaa hojii haaraa ijaarreen hojii waggoota fudhachaa ture yeroo qabameeffitti xumuruuf torbee guutuu 24/7 hojjachuutti argamna.

Hojii misooma koriidarii kanarratti hirmaachaa kan jirtan kontiraaktaroonni, gorsitoonni, hoggantoonni sadarkaa sadarkaan jirtan, mahaandisoonni, ogeessoonni, hojjattoota pirojektichaa hunda, qaamolee nageenyaa akkasumas jiraattonni magaalaa keenyaa tattaaffii keessaniifi onnee gaariin tajaajilaafi tumsa kenna jirtaniif maqaa bulchiinsa magaalichaafi maqaa jiraattota keenyaan isin galateeffachuun barbaada.

**Waaqni Itoophiyaafi ummata ishee haa eebbisu!**

(Aadaanachi Abeebbe, Kantiibaa Magaalaa Finfinnee)



### Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

**Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa**  
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22  
Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

**Gulaalaan**

**Charinnat Hundeessaa**

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

[chhundessa@yahoo.com](mailto:chhundessa@yahoo.com)

[email-cherenethundessa@press.et](mailto:email-cherenethundessa@press.et)

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

**Qopheessitootni:**

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaahuun Takilee

**Adeemsisaa Hojii**

Bil. 011-126-42-22

**Kutaa Beeksisaa:**

Bil. 011-156-98-73

**Raabsa Gaazexaa**

Bil.011-157-02-70

**Faaksii Kutaa Qophii**

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

[email-bariisaa@press.et](mailto:email-bariisaa@press.et)



Ethiopian Press Agency

# ODUU

## Hudhaaleen damee tuurizimii xiyyeeffannaa addaa fedhu

### Waaqshuum Fiqaadutiin

**Finfinnee:** Tuurizimiin idustirii aara maleessaa guddina dinagdee addunyaa keessatti gumaata guddaa qabuufi damee misoomaa filatamaa ta'edha. Ragaan Kawuunsilii Tuurizimiifi Imala Addunyaarraa argame akka mul'isutti dameen tuurizimii guddina dinagdee addunyaaf %9.1 yookiin doolaara Ameerikaa tiriliyoona 9.9 gumaacha.

Faransaay waggaatti daawwatoota miliyoona 90tti hiiqan hawwachuun addunyaarraa dursarratti yoo argamtu Ameerikaanis bakkeewwan hawwata tuurizimii bal'aa qabduun Faransaayitti aanuun gulantaa lammaffaa qabatteerti.

Itoophiyaan biyya umurii dheeraafi qabeenya uumama bal'a qabdu taatus akka biyyoota addunyaa biroo dameen tuurizimii guddina dinagdee biyyattii keessatti gumaatisaa hangana jedhanii dubbachuun rakkisaadha. Ta'us ji'aoota salgan darbanitti tuuristoota alaa biyyattii daawwatanirraa doolaari Ameerikaa biliyoona 3.2 argamuu Ministeerri Tuurizimii raawwisaa ji'oota sagalii Kibxata darbe wayita Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataaf dhiyeessetti beeksiseera.

Daawwatoota biyya keessaa dadammaqsuun daawwannaa taasifamerra qarshiin biliyoona 48.8 argamuun, namoota kuma 81 oliif carraa hojii uumuu, namoota kuma 29 ol tajaajila tuurizimii irratti waldaan gurmeessuun, hambaalee sadii galmeessisee, hojii miidiyaafi kominiikeeshiniratti raawwiin jiru jajjabeessaa ta'uu kan ibse Manni Marichaa; potenshaala guddaa dameen tuurizimii qabuufi bal'inna hojdhaddummaan yommuu walbira qabamu hojii bal'aan hafuu hubachiiseera.



**Bakkeewwan hawwata tuurizimii**

Bakkeewwan hawwata tuurizimii aadaa, namtolcheefi uumamaa kutaalee biyyattii garaagaraatti baay'inaan mul'atanis beeksisuufi misoomsuu hanqinni guddaan waan jiruuf madda galiittii jijjiiruun hin danda'amne. Sababa rakkoo nageenyaa bakka tokko tokkotti mudatuufi hanqina hubannoo daawwachiftootaabis walqabatee kallattiin daawwannoo bakkeewwan muraasa qofa ta'uus manni marichaa qeeqera.

Bakkeewwan hawwata tuurizimii seenaqabeessaafi galii hedduu maddisiisuu danda'an, garuu ammoo Ministirri Tuurizimiin quba hinqabne

hedduun jiraachuu miseensotni manna marichaa bal'inaan kaasaniru. Masaraa Habtagiyoorgis (Qusee) Dinagdee, Masaraa Mootii Hayilasillaasee kan Ambotti argamu, masjiida Shoonkee kan Naannoo Amaaraatti argamu, Haroowwan Shaalaafi Abiyaataafaa bakkeewwan dagataman ta'uu akka fakkeenyaatti kaa'eera.

Yaa'iinsa tuurizimii dabaluufo hojii hojjetame jajjabeessaa ta'us beeksisuu, bu'uraalee misoomaa, tajaajila loojotaafi hoteelotaarratti ammayyuu hojii bal'aatu eegama.

Akka biyyoota biroo meeshaan teknoolojiin yaa'iinsaa tuurizimiifi galii achiirra argamu



salphaatti adda baasuufi galmeessuu bakka hojiirra hin oolletti yaa'iinsa tuurizimiifi galii argame ibsuun hanqina ta'uu Manni Marichaa qeeqera.

Ministirri Tuurizimii Ambaasaaddar Naasisee Caalii gamasaaniin akka jedhanitti, teknoolojii jedhame kana hojiirra oolchuuf sochiin eegalameera. Haa ta'u malee, baay'ina tuuristoota Itoophiyaa daawwatan Tajaajila Lammummaafi Immigireeshiniirraa kan fudhatan yommuu ta'u, galiin argame ammoo namni tokko turtiisaa keessatti baasiinsaa istaandardii kaa'ameen shallagama.

## Qonna arfaasaarra callaan kuntaalli miliyoona 60 argame

### Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Qonna arfaasaatiin omisha hanga ammaatti sassaabamerra callaa kuntaalli miliyoona 60 argamuu ta'uu Ministeerri Qonnaa beeksise.

Ministirichatti bakka bu'aan gaggeessaa hojii dhimmoota tarsiimoo Obbo Mulugeetaa Suyyum Kibxata darbe waltajjii gamaaggama raawwii hojii ji'oota sagalii ministeerichaa wayita ibsanitti, arfaasaa bara kanaatiin lafa hektaara miliyoona 2.7 sanyii midhaan garaagaraatiin uwwisuun midhaan callaa kuntaala miliyoona 63 argachuuf karoofamee, lafa hektaara miliyoona 2.6 misoomsuun hanga ammaatti callaa kuntaala miliyoona 60 sassaabuun danda'ameera.

Haaluma walfakkaatuun bara omisha 2015/2016 waliigalatti biyyattii keessatti midhaan kuntaalli miliyoona 506 kan omishame ta'uu himanii; omisha omishame kana keessaa Naannoon Oromiyaan kuntaala miliyoona 284, Naannoon Amaaraa kuntaala miliyoona 145, Naannoon Itoophiyaan Kibbaa kuntaala miliyoona 89, Naannoon Benishaangul Gumuz kuntaala

miliyoona 29.8, Naannoon Sumaalee kuntaala miliyoona 10.2, Naannoon Itoophiyaan Giddugaleessaa kuntaala miliyoona 10.1, Naannoon Itoophiyaa Kibba Lixaa kuntaala miliyoona 6.6, Naannoon Tigraay kuntaala miliyoona 5.6, Naannoon Gambeellaa kuntaala miliyoona 2.8, Naannoon Sidaamaan kuntaala miliyoona 2.3, Naannoon Affaar kuntaala kuma 386 fi Naannoon Hararii kuntaala kuma 324 kan omishan ta'uu ibsaniru.

Alergii omishalee qonnaan walqabatee Obbo Mulugeetaan akka ibsanitti, alergii bunaa, baala shayee, mi'eessituu, abaaboo, kuduraafi muduraa, beeyiladaafi bu'aa beeyiladaatiirraa waliigalatti galiin doolara biliyoona 1.5 argameera.

Sagantaa Ashaaraa Magaariisaa bara 2016/2017 ilaalchisees Obbo Mulugeetaan akka jedhanitti, biqiltuu biliyoona 6.5 dhaabuuf kan karoofame yommuu ta'u, hanga ammaatti karoora ol biqiltuu biliyoona 7.5 qopheessuun danda'ameera.

Deggarsa eksiteenshinii taasisuun omishaafi omishtummaa qonnaa dabaluufo hojiin qonnaan bultoota kilaastaraan ijaaruu xiyyeeffannoodhaan hojjetamaa



**Hirmaattota marichaa**

jira jedhanii: yeroo walfaakkaataa bara darbee waliin yommuu wal bira qabamee ilaalamu baay'inni lafa kilaastaraan misooma dhibbantaa 44n, baay'inni qonnaan bulaa kilaastara keessatti hammatameemmoo dhibbantaa 10n dabaleera jedhaniiru.

Raawwiin ministeerichi galmeessisee dameewwan hedduurratti raawwii gaariidha kan jedhan Obbo Mulugeetaan; ta'us sababoota akka rakkoo nageenyaatiin dafanii hojiitti galuu dhabuu qaamota omisha jirbiirratti bobba'anitiin raawwii omisha jirbiitiin raawwii gadaanaan akka galmaa'u ta'eera jedhaniiru.



# Mijuu

**BARIISAA SANBATAA** Caamsaa 17 Bara 2016




**Waliigalan alaa  
galan; alaa galan  
maqaa tolan**

*fuula* **13**

**“Itoophiyaatti qaroo dhabeeyyiin  
carraa barnootaa argatan  
dhibbantaa shan hincaalan”**

- *Obbo Wandimmuu Asaffaa*

*fuula* **6**



**Labsii bulchiinsaafi  
ittifayyadama lafa  
baadiyyaa  
fooyya'ee ba'eefi  
faayidaasaa**

*fuula* **10**

## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Itoophiyaatti qaroo dhabeeyyiin carraa barnootaa argatan dhibbantaan shan hincaalan”

- Obbo Wandimuu Asaffaa

## Bayyanaa Ibraahimiin

*Qaroo dhabeessa yeroo namni qaroo guutuu qabuuyuu carraa barnootaa argatee hinbarannetti baratee rakkoolee qaroo dhabeeyyii biyyattii mudataa turan beekumsaan dura dhaabate, rakkoo hawaas dinagdee namoota qaroo dhabeeyyiiif falmatee dhaabbilee hojiin gargaarsaa miidhamtoota qaamaa ittiin hojjataman uummate, darbee immoo yeroo ammaatti daa'imman qaroo dhabeeyyii carraa barnootaa akka argataniif mana barnootaa ijaaree barattoota itti simate, qaroo dhabeessa, sammuu qabeessa Obbo Wandimuu Asaffaa keessummaa Bariisaa maxxansa kanaati.*

**Bariisaa: Mee dura dubbistootaan walbaraa?**

**Obbo Wandimuu:** Tole, Wandimuu Asaffaan jedhama. Namoota muraasa yeroo barnootni namoota akka koo qaroo dhabeessa ta'an dhiisii kanneen qaroo qabaniifi sirnaan waliin gahuun hindanda'amnetti namoota carraa barnootaa bara mootii Hayilasillaaseetti argatan keessaa ani nama tokko jechuun ni danda'ama.

Qaroo dhabeessa ta'ee dhaladhee carraa barnootaa argameen warroota qaroo qaban tokko tokkoon ol barnoota argachuu kootiin immoo jiruufi jireenya kiyya akka warra qaroo qabaniitti gammachuufi milkiidhaan akkan gaggeeffadhuuf kan nagargaare qofa osoo hintaane, namoota qaroo dhabeeyyii ta'anii carraan barnootaa hinkennamneef hedduu walitti qabuudhaan carraa barnootaa akka argatan taasisaan ture. Ammas ittuman jira.

Kanaan alas namootni qaroo dhabeeyyiin carraa barnootaa akka argatan qofa osoo hintaane, rakkoolee siyaasaafi hawaasummaa akkasumas gama dinagdeetiin isaan mudachaa ture akka dandamataniifis dhaabbilee deeggarsaa garagaraa qindeessuudhaan akka gargaaraman taasisaan ture.

**Bariisaa: Bara Mootii Hayilasillaasee sanatti carraan nama ija qabuufuu hinjirre akkamitti isin argachuu dandeessan?**

**Obbo Wandimuu:** Dhugaadha. Yeroo sanatti babal'inni bu'uraalee barnootaas naannawa magaalota guguddaa qofarratti kan xiyyeeffateefi manneen barnootaa naannawa magaalotaatti argamanittis taanaan baay'inni barattoota achitti baratanii daran muraasa ture. Haata'uu malee yeroo sanatti keessattuu naannawa magaalota guguddoo akka Finfinneetti barnootni namoota qaroo dhabeeyyii akka kennamuuf yeroo mootummaan itti duula gaggeessaa ture waan ta'eef, haalli kun akkan baradhuuf carraa guddaa naa uume.

Sababni inni biraa yeroo sanatti akkan carraa barnootaa argame sanatti fayyadamee baradhuuf kan na taasisa fedhiifi hawwii maatii kootiiti jechuun ni danda'ama. Maatiinkoo qaroo dhabeessa ta'ee dhaladhus akkan namaa gadi hintaane, akkan akkuma nama kamiittuu baradhee biyya gargaaruu danda'uuf hamilee guddaa natti horanii na jajjabeessaas turan.

Carraan barnoota ittiin barachuu danda'amu

argamnaa immoo waan barbaachisu hunda naa guutanii akka barnootakoo hordofu na taasisan jechuudha. Akkuman duratti siin jedhe ani barnoota koo bara mootii Hayilasillaasee haa eegalu malee gidduudhaan yeroo muraasaaf addaan kuteen ture.

Boodarra garuu haalota mijachuu qaban mijeeffachuudhaan barnootatti deebi'ee barnootakoo xumuruudhaan namoota qaroo dhabeeyyii akka biyyaatti carraa barnootaa yeroo duraatiif argatan keessaa nama tokko ta'uu danda'eera.

**Bariisaa: Yeroo ammaa hojii akkamiirra jirtu?**

**Obbo Wandimuu:** Yeroo ammaa mana barnootaa daa'imman qaroo dhabeeyyiin keessa bulanii baratan tokko dhihoo kana ijaarsisaa xumuramee yeroo ammaa barattootni itti simatamanii barachaa jiru.

Hojiin baruu barsiisuu kun kan hojjatamaa jiru gama Waldaa Deeggarsaafi Kunuunsa Qaroo Dhabeeyyii jedhamuun yemmuu ta'u, waldichas kan hundeesseefi hoji gaggeessummaadhaan hoogganaa jiru anuma.

Waldaan kun erga hundaa'ee gara waggoota kudhanii kan laakkofsiise yemmuu ta'u, rakkooowwan hawaasummaafi dinagdee namoota qaroo dhabeeyyiirra gahaa jiru hamma humnasaatiin fooyyessuuf waggoota kurnan darbanitti hojiiwwan garagaraa raawwachaana ture.

Gara mana barnootaa qaroo dhabeeyyii dhiyeenya Magaalaa Bishooftuutti ijaarsisaa xumuramee yeroo ammaa daa'imman qaroo dhabeeyyiin itti barachaa jiraniittii yemmuun sii deebi'u, manni barnootaa kun kan ijaarame deeggarsa dhaabbilee investimantii biyya Neezarlaandi kanneen naannawa kanatti hojii investimantii gara garaarratti bobba'aniifi namoota dhuunfaa garagaraarraa maallaqa argame qarshii miiliyoona 10 ta'uuni.

Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaafi hoggansi Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuus hojiin dhaloota qaruu kun akka milkaa'uuf deeggarsa guddaa kan nuu taasisan yoo ta'u, kunis magaalaa gidduutti lafa kaareemeetira 1800 ta'u baasii tokko malee tolaan nuu arjoomuudhaan manni barnootaa daa'imman qaroo dhabeeyyii kun akka ijaaramuuf shoora olaanaa waan taphataniif isaan galateeffachuun barbaada.

Manni barnootaa kun kan daa'imman qaroo



dhabeeyyiin itti baratan qofa osoo hintaane, iddoowwan bultii, bashannanaa, jabeenyi qaamaa itti dalagamuufi wantoota mana barnootaa bultii tokkoof barbaachisu hunda kan guuttateedha.

**Bariisaa: Manni barnootaa kun kutaa meeqa hanga meeqaatti barsiisa?**

**Obbo Wandimuu:** Barattootni daa'immanii nuti asitti barsiifnu kanneen umriisaanii waggaa jaha ta'aniifi barnoota idileen duraa tokkoofi lama erga asitti baratanii booda gara manneen barnootaa idileetti barattoota idilee waliin akka baratan taasisna. Barattootni barnoota idileen duraa tokkoofi lama asitti baratanii gara manneen barnootaa mootummaa idileetti dabalaman kunniin garuu yemmuu nu biraa gaggeeffamanittis deeggarsa taasifnuf ittuma fufna.

Barnootasaanii ittaanus haala kamiin barachaa akka jiran to'annoofi hordoffii addaan hincitne ni taasifnaaf. Manni barnootaa kun barsiisota barnoota qaroo dhabeeyyiiratti muuxannoo guddaa qabaniin kan barnootni kennamu waan ta'eef hojii baruufi barsiisuu qullullinnisaa eegame barattootaaf kan kennuudha.

Wanti guddaan barattootni sadarkaa kanatti barachuu qaban hundi barattoota kaneeniif kan kennamu yemmuu ta'u, keessumaa barreeffamaafi dubbisa bireelii, sosochii

**Maatiinkoo qaroo dhabeessa ta'ee dhaladhus akkan namaa gadi hintaane, akkan akkuma nama kamiittuu baradhee biyya gargaaruu danda'uuf hamilee guddaa natti horanii na jajjabeessaas turan**

# KEESSUMMAA BARIISAA

qaamaa, haala nama waliin itti dubbatan/ kominikeeshiinii/fi sagantaawwan bashannanaa itti gageessan nikennaamaaf.

Daa'imman qaroo dhabeeyyii kunniin umrii waggaa jaharraa eegallee asitti fudhachuudhaan barnoota idileen duraa tokkoofi lama erga barsiifneen booda gaafa gara manneen barnootaa idileetti makamanitti kallattiidhaan kutaa afuraffaa galu jechuudha. Kana jechuun hanga waggaa sadi nu bira turu.

**Bariisaa: Manni Barnootaa akkanaa kun banamuun dura rakkoon namoota qaroo dhabeeyyii maal ture? Yoo bara isin barataa turtaniin walbira qabdan?**

**Obbo Wandimmuu:** Garaagarummaa hedduu jira. Ani akka carraa ta'ee yeroo Mootii Hayilasillaaseen mana barnootaa gale. Yeroo sanatti barattoota qaroo dhabeeyyii akka biyyaatti walitti qabamanii carraa barnootaa argatan ana waliin nama 60 taanee barachaa turre.

Yeroo sanatti akka biyyaattii barnootni qaroo dhabeeyyii kun waan hinbabal'atiniif ijoollee hedduun carraa barnootaa osoo hinargatin hafaniiru. Yeroo ammaa yemmuu ilaallu garuu haalli jiru bifa quufsa ta'efi baay'ina ijoollee qaroo dhabeeyyii akka biyyaatti jiraniin kan walmadaalus ta'uu baatu kan duriirra dachaa hedduun babal'achaa jira.

Babal'achuun manneen barnootaa ijoollee qaroo dhabeeyyii kun carraa barnootaa kan babal'isu waan ta'eef kan yeroo nuti ijoollee turree caalaa carraa barnootaa kan qabu ijoollee qaroo dhabeeyyii ammaati.

Biyya kanatti rakkoon namoota qaroo dhabeeyyii walqabatee jiru mana barnootaa isaan itti barachuu danda'an haala barbaachisaa ta'een iddoowwan hundatti waliin gahuu dadhabuu qofa osoo hintaane, rakkoo guddaniifi hanga ammaatti hundeedhaa buqqisuun ulfaate tokko rakkoo ilaalchaati.

Waanti isin dhibu rakkoon ilaalchaa kun kan namootni biraa yookiin hawaasni bal'aan daa'immaniifi namoota qaroo dhabeeyyii irratti qabu qofa osoo hintaane, kan maatiwwan ijoolleen sun irraa dhalate daa'imman sanarratti qabutu ulfaata. Bakka rakkoon ilaalchaa namoota qaroo dhabeeyyii ta'anii dhalatanirratti hawaasni bal'aan qabu hingeddaramnetti manneen barnootaa hanga fedhes babal'atan namni itti baratu hinjiraatu.

Kanaaf hojiin manneen barnootaa qaroo dhabeeyyii itti baratan babal'isuuf hojjatamaa jiru kun milkii guutuu ta'e akka gonfatuuf yoo barbaadame hojii hubannoo uumuufi rakkoo ilaalchaa maatii ijoollee qaroo dhabeeyyii dabalatee hawaasa keessa jiru guutummaatti akka geeddaramuuf irratti xiyyeeffatanii hojjachuun daran barbaachisaadha.

Nuti amma daa'imman qaroo dhabeeyyii mana barnootaa kanatti barsiisaa jirruuf qarshii tokkollee maatiisaanii irraa hinfudhannu. Kanfaltii isaanirraa eeguun hafee tolaanuu isaan barsiisuuf akka maatiin ijoollee mana barnootaatti erguuf hojiin isaan amansiisuuf hojjatamu salphaa miti.

Maatiin ijoollee qaroo dhabeeyyii iddoowwan hedduutti ammas mana keessatti isaan dhoksee akka waan abaarsaan argamaniitti, akka waan isaan baratani cessallee gahuu hindandeenyeetti ilaaluudhaan manumatti dhoksanii kaa'uu

***Ilaalcha hawaasniifi maatiin namoota qaroo dhabeeyyii ijoolleesaniirratti qabanis hamma tokko fooyya'iinsa qabaatullee har'as maatiin daa'immasaa qaroo dhabeessa ta'ee dhalate akka abaarsa waaqaatti ilaalee gola keessatti dhoksu jira***

barbaadu.

Kun immoo ammallee haala barbaachisuun hubannoon hawaasni daa'imman qaroo dhabeeyyii irratti qabu bifa barbaachisaa ta'een akka hinjijjiiramne kan akeekuudha. Yoo kana jennu garuu, maatiin ijoolleensaa akka jabaatanii barataniif hamilee itti horan, carraa barnootaa agametti fayyadamanii akka barataniif tattaafatan hinjiran jechuu miti.

Silaa jaarraa kana keessatti daa'imni qaroo dhabeeyyii ta'e tokkollee sababa qaroo dhabeessa ta'ee dhalate qofaan carraa barnootaatiin ala ta'uu hinqabu kan jedhu agarsiisuudhaafi.

Wanti biraa kan beekamuu qabu tokko qaroo dhabuun dhalootaan qofa osoo hintaane, guyyaa keessa sababoota gara garaatiin uumamuu akka danda'u amanuun barbaachisaadha.

Ana yoo fudhatte ijji koo kan narraa badde ganaa yeroon dhaladhee guyyaa dhalootaa afuraffaa kabajadhetti. Iddoon dhaloota koos ta'ee qaroo koo itti dhabe asma, Aanaa Ada'aa (Shawaa Bahaa) kanatti waan

ta'efi.

Har'a Waldaa Deeggarsaafi Kunuunsa Qaroo Dhabeeyyii asitti hundeessee barattoota qaroo dhabeeyyii ta'anii dhalataniifi akka koo dhalootaan booda guyyaa keessa sababoota garaa garaatiin qaroo dhabeeyyii carraa barnootaa uumuu kootti hedduun gammachuu qaba.

**Bariisaa: Yeroo ammaa kana rakkoo ijoon qaroo dhabeeyyiiirra gahaa jiru maali jettu?**

**Obbo Wandimmuu:** Akkuma addunyaattuu qaroo dhabeessa ta'uun rakkoo kan qabu yemmuu ta'u, biyyoota gama barnootaafi teknolojiitiin daran hinguddanne, mirgaafi dirqama lammiileen qaroo dhabeeyyii qaban sirnaan hinhubanne keessatti dhalachuun ammoo rakkoo dabalataati.

Akkuma duratti sii kaasuuf yaale babal'ina manneen barnootaa qaroo dhabeeyyii walqabatee, manneenuma barnootaa idilee mootummaa keessatti barattootni haala mijataa argatanii akka baran taasisuufi hojiiwwan hawaasummaa garagaraa keessattillee akka hirmaataniif xiyyeeffannoon yeroo ammaa kennamaa jiru fooyyee qaba.

Ilaalcha hawaasniifi maatiin namoota qaroo dhabeeyyii ijoolleesaniirratti qabanis hamma tokko fooyya'iinsa qabaatullee har'as maatiin daa'immasaa qaroo dhabeessa ta'ee dhalate akka abaarsa waaqaatti ilaalee gola keessatti dhoksu jira, hawaasa keessas namni qaroo dhabeessa ta'ee dhalate baratee akkuma warra kaaniitti boru maatiisaafi biyyasaa ni gargaara jedhee kan hinamanne hedduu jira.

Kana qofa osoo hintaane, har'as carraan daa'imman qaroo dhabeeyyii ta'anii dhalatanii takkaa golatti dhokatanii jiraachuu, yoo hintaane immoo daandirratti bahani kadhachuu qofa akka ta'e warreen amanani jiru. Kanaafuu rakkoo guddaan hanga har'aatti akka biyyatti keessaa bahuun dadhabame inni guddaan kan ilaalchaa ta'uu irra deddeebiin himaa turre.

Rakkoon ilaalchaa maatiin ta'ee hawaasni bal'aan ijoollee qaroo dhabeeyyii ta'anii dhalatanirratti qabu hojii mootummaa qofaan hojjatamee milkaa'uu danda'u osoo hintaane, maatii daa'imman akkanaa irraa eegalee hawaasa bal'aa hirmaachisuudhaan imaammataafi tarsiimoo mootummaatiin yemmuu deeggarame qofa.

Akkuma biyyaattuu yemmuu ilaalamu namoota qaroo dhabeeyyii keessaa kanneen carraa barnootaa argatanii baratan, yookiin hanga ammaattis barachaa jiran dhibbantaa shan qofa ta'uu qorannoodhaan adda baheera. Kun akkuma biyyaattuu qanii guddaadha.

Heerri biyyattiin ittiin bultu daa'imni umriinsaa barnootaaf gahe hundi carraa barnootaa argatanii akka barataniif mirga akka qaban yoo ibsellee akka biyyatti nama qaroo hinqabne ta'ee kan carraa barnootaa argatee barate dhibbantaa shan hincaalu jechuun maal akka ta'e eenyumaafuu ifaadha.

Keessattuu naannawawwan baadiyyaatti ilaalchi ummanni daa'imman qaroo dhabeeyyii irratti qabu ammas hanga barbaadamutti kan hingeddaramne ta'uun ragaa biraa osoo hintaane, yemmuu nuti baadiyyaarra deemnee maatii amansiisuudhaan ijoollee walitti qabuuf

tattaafannu waan nu qunnamaa jirurraa hubachuu dandeenyeerra.

Wanti guddaa hinhaalamne tokko garuu, akka mootummaatti seerootniifi hojimaatni bahaa jiran qaroo dhabeeyyii dabalatee kanneen miidhamawwan qaamaa garagaraa qaban kan hammatu akka ta'uuf xiyyeeffannoo kennamaa jiruudha.

Kanaaf, akka mootummaatti qaamolee kanneeniifi xiyyeeffannoo gahaan kennamaa jiraatus akka hawaasaatti rakkoolee ilaalchaa namoota qaroo dhabeeyyii irratti jiru haala barbaadamuun geeddaruun akka hindanda'amne garuu afaan guutanii dubbachuun ni danda'ama.

**Bariisaa: Torbee kana keessa manni barnootaa bultii addaa qaroo dhabeeyyii guddaan tokko Waajjira Giifti Duree Zinnaash Taayyaachoon eebbifameera. Kana akkamitti ilaaltan, maaltu isinitti dhagahame?**

**Obbo Wandimmuu:** Kun hojii guddaafi daa'imman qaroo dhabeeyyii carraa barnootaa akka argataniif shoora olaanaa kan bahatuudha. Akka carraa ta'ee yeroo manni barnootaa kun ijaaramuuf naannawa Aqaaqiitti dhagaan bu'uraa kaa'amu affeeramnee argamneerra. Ijaarsisaa yeroma gaafas jedhame keessatti sadarkaasaa eegatee xumuramuusaatiin daran nama gammachiisa.

Wanti nama gammachiisuuf immoo; manni barnootaa daa'imman qaroo dhabeeyyii itti baratan ta'uusaa qofa osoo hintaane, nama akka kiyyaa sababa ofiisaa qaroo dhabeessa ta'ee ijoollee qaroo dhabeeyyii ijaarame osoo hintaane kaka'umsa namoota qaroo ija qabaniin, isayyuu hoggantoota biyyaatiin yaadamuufi ijaaramee xumuramuusaati.

Kanaan dura manneen barnootaa qaroo dhabeeyyii qofaaf yaadamanii ijaaramuudhaan hojii baruuf barsiisuu kennaa kan turan Mana Barnootaa Qaroo Dhabeeyyii Sabbataa, mana barnootaa qaroo dhabeeyyii nuti Magaalaa Bishooftuutti ijaarree qofa kan turan ta'us, manni barnootaa daa'imman qaroo dhabeeyyii kutaa bulchiinsa Aqaaqiitti mootummaadhaan ijaaramee daa'imman simachuuf qophaa'e kun garuu, baay'ina manneen barnootaa qaroo dhabeeyyii dabaluuudhaan barattoota hedduu al tokkotti kan keessummeessuudha.

Kana waan ta'eeffis, mootummaan akkuma manneen barnootaa qaroo dhabeeyyiiidhaaf akka ijaaramaniifi hojiiwwan hawaas dinagdee biraa keessatti akka hirmaataniif deeggarsa taasisaa jiru kana hojii hubannoo hawaasaa jijjiiruu keessattis gaheesaa bahachuun barbaachisaadha.

**Bariisaa: Dhumarratti ergaan dabarsuu barbaaddan yoo jiraate?**

**Obbo Wandimmuu:** Ergaan hafe hinjiru. Garuu Addunyaan keessa jiraannus ta'ee biyyi keessatti dhalanne kun kan lammiilee hundaa akka taate hubachuudhaan, mirgi namni miidhama qaamaa qabu tokkoofi kan qaama guutuu qabu tokkos walqixa akka ta'u baruun barbaachisaadha. Miidhamni qaamaa abaarsa Waaqaatiin dhufu tokkos hinjiru.

**Bariisaa: Ulfaadhaa!**

**Obbo Wandimmuu:** Tole isinin galatoomaa!

# Ilaamee...

## Labsii bulchiinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa fooyya'ee ba'eefi faayidaasaa

Natsaannat Taaddasaatiin

**M**anni Marii Bakka Bu'oota Ummataa mootummaa RDFI dhiyeenya kana wixinee labsii bulchiinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa Koree Dhaabbii Dhimmoota Qonnaafi Koree Dhaabbii Dhimmoota Seeraafi Haqaatiin dhiyaate irratti mari'achuun raggaasisuunsaa ni yaadatama.

Walittiqaabaan Koree Dhaabbii Dhimmoota Qonnaa Obbo Solomoon Laalee wixinee labsichaa miseensota mana marichaaf wayita dhiyeessan akka jedhanitti, wixineen labsichaa utuu hinragga'in dura qaamoleen dhimmichi ilaallatu hundi akka irratti mari'ataniifi yaada irratti kennan ta'eera.

Wixinee labsichaarratti akka mari'ataniif sadarkaa mootummaa federaalaafi naannootti waltajjiwwan qaamolee hawaasaa hirmaachisan gara garaa adeemsifamaniiru. Koreewwan dhaabbii lamaan yaadota ka'an galtee wixinee labsichaa taasifachuun ittifayyadamaniiru. Gaaffiilee dhiyaataniifis qaama dhimmichi ilaallatuun deebiin akka itti kennamu taasisaniiru.

Wixinee labsichaarratti marii bal'aan adeemsifamaa tureera. Koreewwan dhaabbii lamaan yaadota fooyyessa wixinee labsichaarratti ka'aa turanirratti ogeessota seeraafi qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin irratti mari'ataniiru.

Wixineen labsichaa sirna bulchiinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa ammayyaa'aa diriirsuudhaan jireenya qonnaan bulootaa, horsiisee bultootaafi qonnaan bultoota gartokkee sadarkaa guddinni siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa biyyattii irra gahe waliin tarkaanfachiisuuf gargaara. Mirga ittifayyadamummaa qabiyyee lafaa qonnaan bultootaa mirkaneessuuf gargaara. Qulqullina odeeffannoo galmeessa lafa baadiyyaa mirkaneessuufis akkasuma.

Akka wixinee labsichaatti qabiyyee lafaa seeraan alaa jechuun lafa baadiyyaa seeraan ala qabameefi qaama seera qabeessaan beekamtiin hinkennamneef jechuudha. Labsichi gandoota baadiyyaa bulchiinsa magaalotaa keessa jiran of keessatti hammata.

Lafi erga gaa'illi dhaabatee booda argame qabiyyee waliinii ta'ee galmaa'a. Abbaan qabeenyaa lafa baadiyyaa qabiyyeesaa maatii, firoota aantiiif kenna waliigalteen deggarameen dabarsuu danda'a. Kennaan kun miidhamtoota qaamaafi daa'imman ilaalcha keessa galchuudhaan raawwatama. Lafi dhaalaan argamu dhaaltota hundaaf walqixa hirma.

Yoo waljijjiirraan lafaa naannolee lama gidduutti raawwatame waliigaltichi barreeffamaan dhiyaatee qaama mootummaa federaalaatiin aangoon kenneeffiin mirkanaa'uufi galmaa'uu qaba. Abbaan qabiyyee lafaa seeraan akka hinbuqqane taasisa. Lafi qabiyyee waloo ta'e qaama seerummaa akka qabaatuuf sirni qabiyyee lafaa waloo waliin akka eegamuufi kunuufamu taasisu diriiru qaba.



*Labsichi bulchiinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa ammayyeessuu keessatti gahee guddaa qaba*

Lafi waloo kan kireeffamu yoo ta'e fayyadamummaa waloo kan miidhuufi lafa dheedichaa kan dhabamsiisu ta'uu hinqabu. Galiin qabiyyee lafaa waloorraa argamu kamuu hawaasa hunda fayyadamaa taasisuu qaba.

Qabiyyeen lafa waloo lafa dheedichaa, bosonaafi tajaajila hawaasummaa kennu of keessatti hammata. Galiin kiraadhaan, kaffaltii beenyaatiifi omisha lafichaarraa argamu gurguruudhaan qabiyyee lafa waloorra argamu karaa haqa qabeessaan hawaasa hunda akka fayyaduuf fandiin fayyadamtoota qabiyyee lafa waloo naannoleetti hundaa'uu qaba. Fandichi dubartoota humna dinagdee hinqabneefi deggarsa addaa barbaadaniif deggarsa taasisuu qaba.

Abbootiin qabiyyee lafaa lubbuun kan hinjirre yoo ta'aniifi nama isaan dhaalu kan hinqabne yoo ta'an, qubannaadhaan ykn fedhiisaaniitiin lafa baadiyyaa naannolee irraa ka'anii kan turan yoo ta'e lafti sun namoota naannawaa lafa hinqabneef ykn qonnaan bultoota lafti itti xiqqaateef qoodama.

Namni kamuu qabiyyee lafa dhuunfaa, waloofi mootummaa seeraan ala yoo weerare qarshii kuma 30-100n ykn hidhaa waggaa tokkoo - shaniitiin ykn lamaaniiinu adabama. Namni kamiyyuu lafa dhuunfaa, waloofi mootummaarratti miidhaa yoo geessise qarshii kuma 50- 150tiin ykn hidhaa waggaa sadii hanga torbaatiin ykn lamaaniiinu adabama. Namini kamuu lafa hin eeyyamannerratti ijaarsa kamuu kan ijaare ykn akka ijaaramuuf kan eeyyame qarshii kuma 25-50tiin ykn hidhaa waggaa tokkoo hanga sadiitiin ykn lamaaniiin adabama.

Namni kamuu karoora ittifayyadama lafaatiin ala qabiyyee lafasaatti yoo fayyadame qarshii kuma 20-50tiin ykn hidhaa waggaa tokkoo hanga sadiitiin ykn amoo lamaaniiin adabama. Namni ragaa qabiyyee lafaa sobaa dhiyeesseefi ogeessi ragaa dhokse ykn ragaa dogoggoraa kenne

qarshii kuma 10-25tiin ykn hidhaa waggaa tokkoo hanga sadiitiin ykn lamaaniiin adabama. Namni lafa gurgure ykn bite kamuu qarshii kuma 100-200tiin ykn hidhaa waggaa tokkoo hanga shaniitiin ykn lamaaniiin adabama. Adabbiin yakkoota lafaan walqabatee kennamu madaala'aafi barsiisaa ta'uu qaba.

Akka wixineen labsichaa ibsutti namni tokko qabeenya dhaabbataa lafarratti horate gurgurachuuf, qabiyyee lafasaa kireessuufi qabsiisee baankiirra qarshii liqeffachuun omishaafi omishtummaasaa guddisuu ni danda'a. Maqaa qabeenya dhaabbataa gurgurachuutiin lafa bal'aa qabeenyi irra hinjirre gurguruun garuu dhorkaadha. Kun qonnaan bulaan lafasaarraa akka hinbuqqane taasisuuf gargaara.

Wixineen labsichaa sadarkaa jireenya qonnaan bultootaa, horsiisee bultootaafi horsiisee bultoota gartokkee fooyyessuufi sadarkaa guddinni dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa biyyattii irra gahe waliin tarkaanfachiisuuf gargaara.

Wixineen labsichaa sirna bulchiinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa ammayyaa'aa ta'e diriirsuun qulqullina odeeffannoo galmeessa lafa baadiyyaa qindeessuun fayyadamtootaaf raabsuufi karoora ittifayyadama lafa baadiyyaa ittifufiinsa ba'ee akka hojiirra oolu taasisuuf akkasumas qabeenyawwan uumamaa eegu, kunuunsuufi misoomsuudhaan dhaloota ittaanutti dabarsuuf gargaara waan ta'eef manni marichaa wixinee labsichaa akka raggaasisuuf gaafataniiru.

Minseensonni mana marichaa yaada gabaasaafi murtee yaadaa Wixinee labsii ittifayyadamaafi lafa baadiyyaa dhiyaaterratti kennaniin akka jedhanitti, wixineen labsichaa yeroo dheeraa fudhatee kutaalee hawaasaafi qaamolee dhimmichi ilaallatu hunda waliin marii adeemsiisuun haala fayyadamummaa dubartootaa, daa'immaniifi miidhamtoota qaama mirkaneessuu danda'uun kan qophaa'eedha.

Wixineen labsichaa qaamolee dhimmichi ilaallatu hunda hirmaachisuun haala yeroosaa eegee kan qophaa'e ta'uu kaasanii, naannoo Tigraay irraa kan hafe kutaaleen hawaasaafi qaamoleen dhimmichi ilaallatu hundi yeroo gara garaa wixinee labsichaarratti mari'ataniiru. Qaboon yaa'ii 22 ol wixinee labsichaarratti qabameera. Wixineen labsichaa hanqinaafi rakkoo tokkoyyuu hinqabu jechuun danda'amu baatus mana marii kanaan ragga'ee gara hojiitti utuu galamee gaarii ta'uus kaasaniiru.

Wixineen labsichaa yeroo dheeraa fudhatee gadfageenyaan kan qophaa'e ta'uufi fayyadamummaa qonnaan bultootaafi horsiisee bultootaa gartokkee kan mirkaneessu waan ta'eef yaadota meesseensonni mana marii kaasaniin gabbatee ragga'ee hojiirra utuu oole gaariidha yaadni jedhus ka'eera. Lafi bu'uura guddina dinagdee biyyattii waan ta'eef seeraan hogganamuu akka qabus eerameera.

Wixineen labsichaa qonnaan bultoonni ragaa qabiyyee lafa isaanii qabsiisuudhaan baankiirraa qarshii liqeffatanii rakkoo faayinaansii qaban akka furataniifi omishaafi omishtummaasaanii akka guddisan taasisuurra darbee qabeenya dhaabbataa lafarratti horatan dabarsanii akka gurguratan kan taasisuudha. Akkasumas karoora ittifayyadama lafaa biyyaalessaa qindaa'aa qopheessuuf kan gargaaru ta'uun himameera.

Wixineen labsii bulchiinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa Koree Dhaabbii Dhimmoota Qonnaafi Koree Dhaabbii Dhimmoota Seeraafi Haqaatiin qophaa'ee mana marichaaf dhiyaate yaadotaafi gaaffiilee miseensonni mana marichaa dhiyeessaniin gabbatee Labsii lakkoofsa 1324/2016 ta'uun sagalee guutuudhaan ragga'eera. Qajeelfamniifi dambiin labsicha hojiirra oolchuuf gargaarus kan ba'u ta'uun himameera.



# Abbaa Sa'aa

## Invastimantii Oromiyarraa galiin qarshii biliyoona 43 ni eegama

### Waasihun Takileetiin

Guddina dinagdee biyya tokkoo si'eessuu keessatti simannaan invastimantii murteessaa yoo ta'u, barana akka Oromiyaatti invastaroota biyya keessafi alaa 3747 simchuun hojiitti akka seenamu taasifameera.

Invastarootni kunniin hojiilee misoomaa gara garaa hawaasa fayyadamaa taasisaniifi dinagdee biyyaa guddisanirratti bobba'uun hiyyuma seenaa gochuufi biyya badhaate dhaloota dhufuuf dabarsuuf humna guutuun akka hojjetaniif hordoffiifi deeggarsi taasifamaa jiraachuu Hogganaan Biiroo Invastrantiifi Indastirii Oromiyaa, Obbo Ahmad Idiris nidubbatu.

Invastarri misoomaa gara garaarratti bobba'u kamuu ulaagaa barbaachisu guuttachuun hojiitti akka galu kan taasifaman yoo ta'u, yoo yeroo qabameef keessatti hojii misoomaa sana hineegalle tarkaanfiin akka fudhatamu kallattiin taa'ee xiyyeeffannoon akka hojjetamu ta'eera.

Erga waliigalteen invastimantii mallattaa'ee xumuramee booda abbaan qabeenyaa sun hanga ji'a afuriitti hojiitti galuu baannaan waliigaltichi haqamuun misoomichi qaama biraaf akka darbu taasifama.

Dhimmi kun dhimma salphaatti ilaalamu osoo hintaane dhimma faayidaa biyyaafi hamma fayyadamummaa lammiilee mirkaneessuu ta'etti lafa misoomaaf fudhatan har'a boruutiin dalleessanii kaa'uun akka hindanda'amnes ta'eera.

Abbootiin qabeenyaa lafa invastimantiif fudhatan kunniin kaappitaala qarshii biliyoona 148 kan galmeessisan yoo ta'u, hatattamaan misooma fudhatanitti galuun ofis ta'e biyyasaani fayyaduu akka qaban xiyyeeffannoon kennamee hojiitti akka galamu ta'eera.

Misooma invastimantii barana qabatamee ka'ame kanarraa galiin qarshii biliyoona 43 kan eegamu yoo ta'u harcaatii malee milkeessuuf hordoffiifi deeggarsi walirraa hincinne qaama dhimmisaa ilaallatu waliin ni taasifama.

Akka ibsasaaniitti invastaroonni lafa misoomaaf fudhatan yeroo qabameef keessatti hojiitti galuun dirqama yoo ta'u, dalleessanii bara lakkoofsisuuf yookaan marga irraa gurgurachuufi qaama biraaf dabarsanii kennuuf yaaliin taasifamu fudhatama hinqabu.

Kanaafuu, abbootiin qabeenyaa lafa misoomaaf fudhatan haalaan misoomsuun omishafi omishummaa barbaadamu argamsiisuun ofis biyyasaaniis fayyaduu akka qabaniif hojichi akka hordofamu ta'eera.

Misooma kanaaf lafti hektaara kuma 35 kan qophaa'e yoo ta'u, inisheetivii Itoophiyaan haa omishu jedhu milkeessuuf kutannaa mootummaan agarsiisaa jiruuf galtee guddaa kan ta'uudha.

Milkaa'ina inisheetivii kanaafis ta'e

maallaqa invastimantii kanarraa eegamu qarshii biliyoona 43 kanaaf tattaaffiifi miirri ittigaafatamummaa abbootii qabeenyaarra jiru olaanaadha.

Mootummaan dhiyeessii lafa invastimantii erga milkeessee abbootiin qabeenyaammoo misoomsanii galii barbaadamu argamsiisuun kanamalees daangaa yeroo kennameef keessatti hojiitti seenuun dirqama irraa eegamuudha.

Misooma invastimantii maallaqni olaanaan itti dhangala'ee guutuu Oromiyaa keessatti gaggeeffamu kanaan namoota kuma 500 oliif carraan hojii kan uumamu yoo ta'u, invastimantichi abbaa qabeenyaa, mootummaafi hawaasa naannawaaf carraa guddaa kan uumuudha.

Abbootiin qabeenyaa ulaagaa guutanii hojiitti seenuuf jiran kunniin miira ittigaafatamummaan hojiisaanii hojjechuun akka irraa eegamu kallattiifi hordoffiin walirraa hincinne kan kaa'ame yoo ta'u, misoomichi faayidaa hawaasaa kan giddugaleeffatedhas.

Keessumaa abbootiin qabeenyaa wayita invastimantii eegalan carraa hojii jalqabaa jiraattota naannawaa misoomichaa kanneen laftisaanii invastimantiin irraa fudhatameef kan kennamuudha.

Haaluma kanaan jiraattota naannawaaf carraan hojii dursaa akka kennamu yoo ta'u, kanaan walqabatee fudhatamummaa isaan qabanis dachaan dabalaa qonnaan bulaanis misoomichi kankooti jedhee kunuunfachaa jira.

Invastaroonni faayidaa mataasaanii qofa giddugaleeffatanii balfa warshaalee keessaa ba'u faalama qilleensa naannawaa akka hinqaqqabsiisneef ittifayyadamni teknoloojii balfaa irra deebiin tajaajilaaf akka oolu taasisu akka qabaatanis ta'eera.

Haaluma kanaan komiin dhimma balfaa warshaa keessaa bahuun walqabatee hawaasa biratti kanaan dura ka'aa ture akka furamuu qabu kallattii taa'e hordofuun invastaroonni haaraa simataman ulaagaa kanneen hunda akka guuttatan taasifameera.

Abbootiin qabeenyaa kanaan dura misoomawwan gara garaarratti bobba'uun faalama qilleensaa balfa warshaa keessaa bahuuf xiyyeeffannoo kennaa hinturres xiyyeeffannoo addaa akka kennaniifi ittifayyadama teknoloojii balfaa tajaajilaaf oolchu hojiirra akka oolfatan kallattiin taa'eera.

Dhimmi kun kallattii afaaniin darbu qofa miti kan jedhan Obbo Ahmad, yeroorraa yerootti hordoffiifi gamaggamni hojii kan gaggeeffamu waan ta'eef hunduu gamanumaa akka itti qophaa'u hojjetanii ofis biyyasaaniis akka fayyadaniif haalli mijataa ni uumama.

Sodaan nageenyaa akka isaan hinmudaneeff eegumsi barbaachisaa taasifamaa kan jiru yoo ta'u, teknoloojii kaameeraa 'CCTV' hojiirra oolchuun invastimantiin akka babal'atu taasifamaa jira.



Obbo Ahmad Idiris

Mootummaan dirqamasaa gama dhiyeessii lafaafi nageenyaan hojii irraa eegamu sirriitti ba'achaa kan jiru yoo ta'u, abbootiin qabeenyaas lafa misoomaaf fudhatan yeroon misoomsuun bu'aa irraa eegamu galmeessisuu qabu.

Faallaa kanaa ammo lafa invastimantiif fudhatan dalleessanii tajaajila biraaf oolchuuf yaaliin taasifamu fudhatama kan hiqabneefi waliigaltee haqsiisuurra kan geessisuudha.

Kanaafuu abbootiin qabeenyaa ulaagaa invastimantii guutuun filataman daangaa yeroo taa'eef, ji'a afur keessatti hojiitti seenuun misooma dheebotamu milkeessuun bu'aa gamasaaniin eeggatanis bakkaan ga'uun barbaachisaadha.

Guddina dinagdee biyya tokkoo si'eessuu keessatti simannaan invastimantii isa ijoodha jedhanii, Oromiyaan kan misoomsee misoomuu barbaaduuf balballishii banaa ta'uus nikaasu. Keessumaa omishaalee bu'aa indastirii qonnaafi kaan biyya keessatti dachaan omishuun kan alaa galu xiqqeessuu baasii humnaa olii sharafa alaa bahu kan baraaru ta'uu eeru.

Aadaan biyyuma ofiitti omishuu gabbataa deemuunimmoo rakkoo biyya keessaa furuurra darbee sharafa alaa argamsiisuuf haala mijataa kan uumu waan ta'eef xiyyeeffannoo guddaan kennamaafii jira.

Haala kanaan dura hinbaratamneen simannaa invastarootaan walqabatee hirmaannaan abbootii qabeenyaa biyya keessaa dur xiqqaa ture amma dachaan dabaleera.

Kunis rakkoo ofi ofiin furachuu ykn misooma fedhan dhalataa ofiin misoomsuu isa jedhu kan gabbisu eeggattummaa seenaa kan taasisu waan ta'eef kan

jajjabeeffamuudha.

Tarkaanfii misoomaa kanaan dura fudhatamaa tureen hiyyuma seenaa gochuun akka danda'amu bu'aa inisheetivii qamadiirratti galmaa'aa ture qofa fudhatanii ilaaluun gahaa yoo ta'u, gama invastimantiin bu'aalee indastiriirraas galii olaanaa argamsiisuuf of kennanii hojjechuun murteessaa ta'uu nikaasu.

Kanaan dura maqaa invastimantiin lafa fudhatanii dalleessuun marga irraa gurgurachaa lafa mootummaa tajaajila hinmalleef oolchuun calaqqisaa turuu yaadachiisani, warreen akkasii seeratti dhiyyeeffamaniiru jedhan.

Lafa invastimantiif fudhatan dalleessanii bara lakkaa'uun ittigaafatamummaa waan qaqqabsiisuuf abbootiin qabeenyaa dhimma kana hubannoo keessa galchuun ciminaan misoomsuun irraa eegama.

Simannaa invastimantiirraa galiin biliyoonotaan lakkaa'amu eegama kan jedhamuufis yeroo qabameef keessattiifi qulqullinaan misoomsuun yoo jiraatedha kan jedhan Obbo Ahmad harkifannaa tokko malee yeroon hojiitti seenuun barbaachisaa ta'uu himu.

Harkifannaa mudatuun mootummaanis qonnaan bultoonnis abbootiin qabeenyaas hubamuu waan danda'aniif dhimmi kun misooma waloo ta'uunsaa hubatamee kutannaan hojiitti seenuun galii keenya dachaan dabaluu nurraa eegama.

Walumaagalatti Oromiyaa badhaate ijaaruuf simannaa invastimantii keenya dachaan dabaluu dirqama akka ta'e lafa misoomsuuf fudhanne sirriitti misoomsuun dinagdee keenya fooyyessuufis ta'e biyya badhaate dhaloota dhufuuf dabarsuuf waltumsuun barbaachisaadha.

## AADAIFI AARTII



## Waliigalan alaa galan; alaa galan maqaa tolan

(Waamicha Nageenyaa Afyaa'iin Caffee Oromiyaa Aade Sa'aadaa Adurahmaan taasisan guutuusaa)

Nageenyi bu'uura ummataati; wabiin nageenyaa ummata keenya. Nagaafi tasgabbi ummataa mirkaneessuuf ammoo, duudhaalee qabnu fayyadamnee tokkummaa yaadaafi ilaalchaa dagaagsinee fedhiifi faayidaa ummata keenyaa karaa tarsiimaa'aa ta'een galmaan gahuuf qindoomnee hojjechuu qabna.

Nuti ilmaan haadha tokkoo, Oromummaan bu'uura eenyummaafi qabeenya waloo keenya. Eenyummaa keenya cimsachuuf ammoo, Oromiyaa dhalootaaf taatu ijaaruu qabna. Oromiyaa cimsinee, Itoophiyaa cintuu ijaarra.

Tokkummaa keessoo keenyaa cimsachuun akka sabaatti mul'ata tokko qabannee ummata keenya ceessisuuf waliin hojjechuu qabna. Hojii kana milkeessuuf ammoo, Caffeen keenya ittigaafatamummaa guddaa fudhatee hojjechaa jira.

Caffeen, Oromoofi Oromiyaa bakka bu'a. Mallattoo ummata keenyaati. Sagalee ummata keenyaa dhageessisa. Qorqalbii ummata keenyaatu keessaan ifa.

Obbolummaa, tokkummaa, walqixxummaafi garaagarummaa ilaalchaa jiru dhiphisuun galma waloo irratti xiyyeeffatee hojjeta. Hariiroo mootummaafi ummata gidduu jiru cimsuuf riqicha ta'ee tajaajila.

Misoomni, guddinni diinagdeefi badhaadhinni hawwinu akka mirkanaa'uuf nagaan ummataa mirkaneessuun dirqama. Olaantummaan seeraa akka kabajamu taasisuudhaaf mootummaan ittigaafatamummaa guddaa qaba.

Milkaa'ina kanaaf ammoo, qoodni bakka bu'oota ummataa keessaattuu, dubartoonni ummata bakka buunee jirru, ummata keenyaaf sagalee ta'uun aantummaa qabnuuf gochaan agarsiisuun dirqama keenyadha.

Dubartoonni filatamtoota ummataa taanee jirru ittigaafatamummaan qabnu dachaadha. Gama tokkoon, ummata keenyaaf sagalee taanee haala jiruufi jireenya isaa ibsuun, ergama bakka bu'ummaa keenya ijoodha.

Gama biraan, bakka nagaan hinjirretti adda durummaan kan saaxilamu dubartoota waan ta'aniif, miidhamni isaanii kan keenya ta'uu hubannee, bakka isaan hin jirretti nutis kan



Aade Sa'aadaa Adurahmaan



hin jirre ta'uu beeknee rakkoo isaan irra gahuuf qaama furmaataa ta'uudha.

Caffeen keenya, yaa'ii gaggeessaa tureen nageenya ummata keenyaaf xiyyeeffannoo addaa kennee mari'achaa tureera. Bu'aa marii kanaanis, murtiiwwan jajjaboon nageenya keenya waressan darbaa turaniiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaas, waamicha nageenyaa taasisaa tureen, carraan gaaddisa tokko jalatti walgahanii waliin mari'achuu uumamuu danda'ee ture.

Duudhaan ummata keenyaa, yaadaafi qalbiin waliigalanii rakkoo jirtu keessooti furachuudha. Waliigalan alaa galan, alaa galan maqaa tolan akkuma jedhamu, kaleessa ala turre, gamtaan qabsoofnee

injifannee abbaa biyyummaa keenya mirkaneeffannee jirra. Hojiin guddaan nu hafe, qabsoo itichuufi injifannoo ofirra bulfachuudha.

Kunimmoo, waldhaggeeffachuu, tokkoomuu, hiree waliif kennuu, fedhiifi faayidaa ummataaf dursa kennuu gaafata.

Walkabajuu, mari'atanii dhibdee jirtu furachuu barbaada. Kanaaf, balballi mootummaa banaadha. Harki mootummaan nagaaf diriirsas hanga ammaatti hindachaane. Ammallee, carraan jiru itti fufee jira.

Kaayyoon keenya, nagaaf dursa kenninee imimmaan ummata keenyaa haquudha. Dinagdee ummata keenyaa deebisnee utubuudha. Ummanni keenyas, nageenya

isaa deebifatee qe'ee isaatti misoomnee, diinagdee injifannoo isaa tursiisuu danda'u ijaaruudha.

Mootummaan Naannoo Oromiyaas, fedhii ummanni keenya qabuun gamatti fedhii biraa hin qabu. Tokkummaa sabaa cimsee, dinagdeen utubee, lammii mul'ata qabuufi qe'eesaatti hojjetee duroomu uumuun badhaadhina naannoo keenyaa mirkaneessuudha.

Biyyaaf ammoo, utubaa ta'ee ceessisuudha. Waamichi nageenyaa Caffee keenyaan taasisaa turres, agarsiiftuu kanaati. Bu'aan argamaa jirus, abdachiisaadha.

**Nuti Dubartoonni Yeroo Hunda Nagaa!... Nageenya...! Nagaa! Filanna!**

# ODUU

## Pirojektiin Holqa...

hinbeekneef ibsuun daran rakkisaadha. Namootni waggoota kuma tokko dura Holqa sana keessatti barumsa amantiifi taateewwan amantaan walqabatan gaggeessaa turuun gama seenaan hiika guddaa qaba.

Holqa kana fiixee isa tokko irraa isa biroo ga'uuf kiilomeetira 15 gaafata; bashannanaafis haalli uumamasaa qalbii namaa hawwata. Mukkeen naannawa holqichaatti argaman dawaaf, qollisaanii ammoo dibatawwan garagaraatiif omishuuf kan oolaniidha. Kanaaf warshaa xiqqaa achitti hundeessuun daawwannaan alatti guddina dinagdeef galii dabalataa maddisiisuun ni danda'ama.

Bara darbe galii gurgurtaa kitaaba Dhaloota Ida'amuurraa argame qarshii biliyoona 1.5 Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin ijaarsi pirojektichaa eegalame. "Dhalootni waan harkaa qabu hinmisoomsine waan harkaa hinqabneef yeroosaa qisaasessa" jedhani; Holqa Soofumar dabalatee qabeenya jiru misoomatti jijjiiruuf hojiin eegalame hundi tumsa addaatiin akka xumuramu hubachiisaniiru.

Hogganaa Ittaanaan Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa Obbo Hundee Kabbadaa Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, bakkewwan hawwata turiizimii bu'uraalee misoomaatiin ala hiika waan hinqabneef xiyyeeffannaa Ministirri

Muummee bakkeewwan hawwata turiizimii misoomsuuf kennan olaanaadha.

Bakkeewwan hawwata turiizimii misoomsuuf akka biyyaatti hojii bal'aan hojjetamus pirojektiin Wancii/Dandiifi Holqa Soofumar yaa'iinsa turistii dabaluu hojdhaddummaafi galii naannichaa guddisuuf shoora olaanaa qaba. Holqi Soofumar duraanuu bakka hawwata turiizimii beekamaa ta'us bu'uraalee misoomaa dhabuun galii barbaadamu maddisiisuun hindandeenye jedhaniiru.

Oromiyaatti sadarkaa ammaa mootummaan federaalaa hojjetaa jiruun bakkeewwan hawwata turiizimii misoomsuurratti hanqinni jiraatus mootummaan dhaabbata "Ijaa" jedhamu, kan bakkeewwan hawwata turiizimii misoomsu hundeessuun hojiitti seenuu himanii; sagantaa bakkeewwan hawwata turiizimii beeksisu "Visit Oromia" Komishinii Turiizimii Oromiyaatiin hojiirra oolu yaadachiisaniiru.

Oromiyaan potenshaala guddaa qabaachuus himanii; bakkeewwan hawwata turiizimii misoomsuun kaappitaala guddaa kan gaafatu waan ta'eef bakkeewwan hawwata turiizimii misoomsuuf hudhaa ta'eera. Ta'us barana hirmaannaa ummataatiin hojiin barana eegalame cimee akka ittifufu ibsaniiru.

## Godinichatti namootni...

Bulchaan godinichaa Obbo Mirreessaa Fiixee kaleessa Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, tarkanaafii qindaa'aa Finxaaleyyiirratti fudhatameen namootni qe'eerraa buqqa'an kummi 89 qe'eesaaniitti deeb'aniiru. Kanneen hafanis qe'eesaaniitti deebisuuf xiyyeeffannan hojjetamaa jira. Ammaan tana nageenyi godinichaa haala gaariirratti argama.

Waggoota lamaan sadan darban keessa finxaaleyyiin Amaaraafi Shanee gochaa suukanneessaa godinicha keessatti raawwachaa turuu himanii; qabeenya ummataa saamu, dubartoota gudeeduufi ajjeessuun nageenya godinichaa booressaa turuu ibsaniiru.

Gochaa farrummaa qamoleen kun lamaan aanaalee afur keessatti raawwataniinis namootni kuma 123 qe'eesaaniirraa buqqa'aniiru. Rakkoo nageenyaa kana dhabamsiisuuf ji'oota arfan darbanitti tarkaanfii qindaa'aa fudhatameen baay'eensaani barbadaa'aniiru.

Tarkaanfii hanga ammaatti fudhatameenis Finxaaleyyiin 628 harka kennachuu himanii; kanneen harka kennatan marsaa marsaan leenjii fudhachuun hawaasatti dabalamaa jiraachuu dubbataniiru,

Godinichatti hojii nageenyaa haala kanaan hojjechaa misoomni yoo dhaabbate rakkoo lammaffaa ta'uu eeranii; kana qolchuufis harka tokkoon hojiin

misoomaa hojjetamaa harka tokkoon nageenya tasgabbeesuurratti hojjetamaa turuu ibsaniiru.

Bu'aa nageenyaa amma argamaa jiruunis hojii misoomaa keessumaa gama qonnaa, barnootaan hojii bal'aan hojjetamaniiru. Inisheetiivotni qonnaa qamadii bonaa, arfaasaafi gannaa hojiirra oolaa jiru. Haaluma kanaan qonna arfaasaa baranaaf xaa'oo kuntaala kuma 206 godinichaaf dhiyaate keessaa kuntaala kuma 160 harka qonnaan bulaa qaqqabuus hubachiisaniiru.

Ashaaraa magariisaan biqilaa miliyoona 179 dhaabuuf karoofamuu himanii; kana milkeessuuf lafa hektaara kuma 48.3 qopheessuuf karoofame keessaa lafti hektaarii kuma 28 qophaa'eera.

Gama barnootaatiinis rakkoo ture keessaa bu'uuf marii bal'aa maatii barataa, barsiisaafi barattoota waliin taasisuun qaamolee ilaallatu waliin ta'uun barumsa dabalataa kennuufi galtee barnootaa guutuun bara kanatti kufaatii barnootaa %20 fooyyessuuf hojjetamaa jira.

Waggootan sadan darban keessatti bu'uraalee misoomaa godinichaa guutuuf mootummaan pirojektoota qarshii biliyoona torbatti shallagamu ramadus, rakkoo nageenyaa Finxaaleyyiin uumaniin dhaabbate ture yeroo ammaa kana ijaarsaani ittifufu hojjetamaa jira.

## Mariin Biyyaalessaa...

ta'uu Komishinni Marii Biyyaalessaa ibse. Waltajjiin ajandaa marii walitti qabuurratti fuulleffate Caamsa 21-27 akka adeemsifamus ibsameera.

Kun kan ibsame Waltajjiin marii mata duree, "Miidiyaa Itoophiyaa bu'a qabeessummaa marii biyyaalessaaf" jedhuun Dhaabbata Pireesii Itoophiyaan Roobii darbe Finfinneetti taasifamerratti.

Komishinar Ambaasaaddar Mahaammud Dirir waltajjicharratti haasawaa taasisaniin, marichi furtuu rakkolee walxaxoo barootaa Itoophiyaan ittiin raafamaa jirtuudha. Garaagarummaa yaadaa humnaan furuuf qawweetti maayii bu'uun biyya gatii kaffalchiisaa ture har'a furmaata dhabuun marichaaf sababa ta'eera.

Rakkolee walxaxoofi yaadota furmaataa kutaaleen hawaasaa garaagaraa kaasan bu'uura godhachuun mootummaan labsii 1256/2014n Komishinni Marii Biyyaalessaa hundeessuu milkaa'ina marichaafis tumsa barbaachisu taasisa jira. Hanga ammaatti naannolee 10fi bulchiinsa magaalotaa lama keessatti calalliin namoota ajandaa filuurratti hirmaatanii goolabameera.

Aanaalee 932 keessatti calalliin namoota kuma 17fi 210 taasifameera. Namootni kunneen sadarkaa naannoofi biyyaalessaatti filannoo ajandaarratti hirmaatu. Caamsaa 21-27tti waltajjiin ajandaa walitti qabuurratti xiyyeeffatu Finfinneetti ni gaggeeffama. Miidiyaaleenis karaa qindaa'een gaheesaanii akka ba'an fooramiin miidiyaa marii biyyaalessaa hundaa'uu hubachiisaniiru.

Hundeeffama fooramichaa as xiyyeeffannoo miidiyaaleen hojii koomishinichaaf kennaa jiran fooyya'aa jiraachuu himanii; Naannoo

Amaaraafi Tigraayitti hojiin komishinichaa hanga tokko harkifatus ammaan tana kan naannoo Amaaraa gara xumuramuutti, kan naannoo Tigraay hoggantoota waliin dubbataa jiraachuu ibsaniiru.

Walitti Qabaan Koree Dhaabbii Dhimmoota Dimookiraasii Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa Obbo Iwunatu Allanaa gamasaaniin akka jedhanitti, waldhabdee mariidhaan furuun biyya gara boqonnaa haaraatti ceesisa. Komishinichi dhiibbaa tokko malee ittigaafatamummaasaa akka ba'uuf walabummaasaaf daangaan seeraa kaa'amera.

Adeemisi marichaa ofeeggannoo cimaa waan gaafatuuf itti waamamni komishinichaa Mana Mare Bakka Bu'oota Ummataaf ta'uu himanii; Dhaabbileen miidiyaa deeggarsa kanaan duraa ittifufsiisuun hojii komishinichaa hafan milkeessuuf qindoominaan hojjechuu qabu jedhaniiru.

Raawwachisaa Hojii Olaanaafi Walitti qabaa Fooramii Miidiyaalee Marii Biyyaalessaa kan ta'an Obbo Geetinnat Taaddasaa, komishinichi ittigaafatamummaasaa qixa sirriin bu'urratti gumaachi miidiyaalee olaanaa waan ta'eef miidiyaaleen hunduu qindoominaan akka hojjetaniif fooramiin hundeeffame.

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatti Maanejiingi Edii tarri Gaazexaa Addis Zaman Obbo Wandawasan Shimallis hundeeffama fooramii miidiyaa Onkoloolessa 17 bara 2016 as cimnaafi hanqina jirurratti waraqa ka'umsaa marii wayita dhiyeessanitti, fooramichaan dura uwwisni miidiyaalee gahaa hin turre. Hundeeffama fooramichaa as garuu maricha ilaalchisee taateewwan (events) 152, karooraan (exclusive) 135, waliigala uwwisa miidiyaa dhimmoota 287 hojjetamuu ibsaniiru.



## "Itoophiyaatti..."

guyyuu keenyaa salphisuu keessatti daran murteessaadha. Sirna dinagdee dijitaalaa ijaaruun ammoo guddina dinagdee biyyaaf murteessaa ta'uu himaniiru.

Tiraanisfoormeeshiniin dijitaalaa kenna tajaajila mootummaa si'eessuu, galii walitti qabuufi malaammaltummaa hir'isuu keessatti qooda olaanaa kan qabu ta'uu himanii, akkasumas qaqqabummaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu eeraniiru.

'ICT'n dameelee fooyyessa dinagdee biyya keessaa mootummaan xiyyeeffannaa kenneefi irratti hojjechaa jiru keessaa tokko ta'uu eeranii, bara 2025tti Itoophiyaan ittifayyadama teknolojiitiin Afrikaarra adda durummaan akka eeramuuf hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Ittifayyadama teknolojiitiin ala kenna tajaajilaa si'eessuufi qulqullinasaa mirkaneessuun kan hindanda'amne ta'uu eeranii, teknoloji guddisuun garaagarummaa baadiyyaafi magaalaa gidduu jiru dhiphisuu keessattis gahee guddaa kan qabu ta'uu dubbataniiru.

Dinagdee dijitaalawaa guddisuun hojiilee tiraanisfoormeeshinii dijitaalaa keessaa isa tokko ta'uu eeranii, Itoophiyaatti tiraanisfoormeeshiniin dijitaalawaa jijjiirama gaarii fidaa jiraachuu dubbataniiru.

Teknolojii dijitaalawaa fayyadamuun bu'aa guddaa akka qabu miidhaas kan qabu ta'uu himanii, rakkoon nageenya saayibarii rakkolee teknoloji dijitaalaa walqabatani akka biyyaattis ta'e addunyaatti mudatan ta'uu eeraniiru.

## ODUU

# Beenishaangul Gumuzitti qophiin qonna gannaa taasifamaa jira

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Qonna ganaan qophiin lafaafi guddistuu callaa taasiasa jiraachuu Biirtoon Qonnaa Beenishaangul Gumuz ibse.

Hogganaan biirichaa Obbo Babakir Haliifaa ibsa torbee darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin qonna gannaatiif barnaaf qophiin lafaafi guddistuu callaa akkasumas ashaaraa magariisaa taasifamaa jiraachuu eeraniiru.

Akka ibsasaaniitti, barana lafa hektaara miliyoona 1.3 ol sanyiidhaan uwwisuuf karoofamee hojjetamaa jira. Qophii hanga ammaatti taasifameen lafti hektaarii kuma 193fi 238 qotamuun hektaarii kuma 350 ol ta'u ammoo qullaa'uun qonnaaf qophaa'eera.

Lafa barana sanyiidhaan uwwisuuf karoofame keessaa heektaarii kuma 370fi 229 kilaastaraan qotamuun callaa kuntaalaa miliyoona 10.4 ol akka eegamu himanii; waliigalaan qonna ganna baranaarraa callaa kuntaala miliyoona 45.1 oltu eegama.



Karoorriifi raawwiin qonna baranaa oggaa kan bara darbee faana walbira qabamee ilaalamu hektaara kuma 208fi 770n caalmaa qabas jedhaniiru.

Qophii dhiyeessii guddistuu callaatiin kuntaala kuma 203 naannichaafeeyyamame keessaa kuntaalli kuma 141 naannicha qaqqabeera. Mankuusa xaa'oo godinalee

Kamaashii, Matakaliifi Asoosaatti banameen gurgurtaafi raabsiin guddistuu callaa bakka bu'aa hojjetaa biirtoon qonnaa dhimma kana raawwachiisuuf ramadameen qonnaan bultoota dhaqqabaa jira jedhan.

Raabsa hanga ammaatti geggeffameen guddistuun callaa kuntaalli kuma 40 ta'u harka qonnaan bulaa ga'eera. Qonnaan

bultootnis gurmaa'uun wiirtuulee godinarratti hundeeffamerra akka fedhasaaniitti bitanii fudhachaa jiraachuu himanii; duraana rakkoon sirna raabsii yuuniyeeniifi waldaaleen mudachaa ture yeroo ammaa furamuu ibsaniiru.

Sanyii filatamaa kuntaala kuma 20 naannichaa barbaachisu keessaa kuntaalli kuma afur argamee godinaalee lafa qonnaa bal'ina qabaniifi dhiyaachaa jira jedhan.

Haaluma walfakkaatuun eegumsa biyyeeffii bishaanii naannichaa cimsuuf hojjiin ashaaraa magariisaa cimee ittifufeera jedhanii, ashaaraa magariisaa ganna baranaaf biqiltuu miliyoona 67 dhaabuuf karoofamee hojjetamaa jiraachuu beeksaniiru. Hojii hanga ammaatti hojjemeenis qophiin biqiltuu dhibbantaan 87 xumuramuu eeraniiru.

Biqiltuulee dhaabaman keessaa miliyooni 57 biqiloota bosonaa, miliyooni 10 biqiloota nyaataaf oolaniidha jedhan.



**“Agarsiisni kalaqa saayinsii barsiisonniifi barattootni beekumsa horatan hojiin akka mul'isan taasiseera”**

- *Doktar Zalaalam Mulaatuu*

**Natsaannat Taaddasaatiin**

**Finfinnee:** Agarsiifni kalaqa saayinsii marsaa 9ffaa waliigala Magaalaa qindeessummaa Biirtoon Barnoota Magaalaa Finfinneetiin qophaa'e mata duree “Qulqullina Barnootaa Mirkanaa'a Badhaadhina Biyyaaf” jedhuun Paarkii Michummaatti jalqabameera.

Agarsiisicharratti kalaqaaleen saayinsii barsiisotaafi barnootaan hojjetaman agarsiisaaf kan dhiyaatan yoo ta'u, agarsiisichi guyyoota sadiif kan ittifufu ta'a.

Hogganaa Biirtoon Barnoota Magaalaa Finfinnee Doktor Zalaalam Mulaatuu haasaa baniinsa agarsiisicharratti taasianiin akka jedhanitti,

agarsiifni kalaqa saayinsii waggaa waggaa adeemsifamu barsiisonniifi barattooni magaalattii beekumsa horatan hojiin akka mul'isan taasiasa jira. Dhaloota barnootaan qaruun biyya guddisuufi jijjiiruu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uus himaniiru.

Agarsiisichi barsiisonniifi barattooni kalaqa saayinsii haaraa akka hojjetaniif bu'uura cimaa kan kaa'u ta'uu himanii, akkasumas muuxannoo akka walirraa

qooddachuun hojii kalaqa saayinsii eegalan cimsanii akka ittifufaniif kan gargaaru ta'uu himaniiru.

Kantiibaan Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanach Abeebbe gamasaaniin akka jedhanitti, agarsiifni kalaqa saayinsii barsiisotaafi barattoota dhiyaate bu'aa hojiilee barnootaa magaalattii kan agarsiisaniidha.

Barsiisonniifi barattooni waan barsiisaniifi baratan hojiin akka mul'isan taasisuun qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu himaniiru.

Akka Aadde Adaanach jedhanitti, biyyattiin namoota dubbatan, barsiisaniifi hubachiisan hedduu qabdi. Dubbachuufi barsiisuu qofa utuu hinta'in waan dubbannuufi barsiifnu hojiin mul'isuu qabna. Itoophiyaan ammayyuu hojiilee kalaqaa rakkoolee furaniifi tajaajila si'staa kennan hedduu barbaaddi.

Agarsiifni kalaqa saayinsii barsiisotaafi barattoota magaalattiin dhiyaate kun barattoota biyyattii hundaaf fakkeenya gaarii ta'uu himanii, hojiin abdi namatti horu kun kalaqaalee haaraan akka hojjetamaniifis balbala kan banu ta'uu eeraniiru.



# BARIISAA



Tashooma Qadiidaatiin

## Fiigichi Guddichi Boqojjii boru Boqojiitti adeemsifama

**Finfinnee:** Magaalaan Boqojjii Oromiyaa, Godina, Arsii, Aanaa Boqojiitti argamti. Finfinneerraa gara Kibba Bahaatti kiiloo meetira 231 irratti kan argamtu magalaan tun, haalli qilleensashee baddaafi baddadareedha.

Boqojiin gootota Olompikii, shaampiyoonaa atileetiksii Addunyaa, dorgommii qaxxaamura biyyaa Addunyaa, Taphawwan Guutuu Afrikaa, Shaampiyoonaa atileetiksii Afrikaafi dorgommiiwwan maaraatonii addaddaarratti biyyaanaa waamsisan horachuudhaan beekamti.

Madda atileetota Itoophiyaa kan taate Boqojiin Atileet Hajjii Bulbulaa, Daraartuu Tulluu, Faaxumaa Roobaa, Mastaawot Tufaa, Qanaansiisaa Baqqalaafi Taarikuu Baqqalaa, maatii Dibaabaa (Ijjigaayyoo, Xirunash, Ganzabee) akkasumas Tiikii Galaanaafaa firiiwwansheeti.

Kanumarraa ka'uun Boqojjii "Dirree gootota Atileetiksii Burqisiistu" jedhamuun seenaanshee galmeewwan atileetiksii



Aadde Birihaanee Naggasaa

keessatti barreeffamaan kan kaa'ameef.

Gootota kanneen kan horatte Boqojiin caalaatti addunyaarratti akka beekamtuuf Ministeerri Turizimiifi bulchiisni magaalattii waggaa waggadhaan dorgommii daawwannaa taasisaa jiru.

Kantiibaan Magaalaa Boqojjii Aadde



Ambaasaaddar Naasisee Caalii

Birihaanee Naggasaa dorgommicha ilaalchisuun ibsa Kibxata darbe kennaniin akka ibsanitti, Ministeera Turizimiifi Waajjira Fiigicha Guddichaa Itoophiyaa wajjin walta'uun Fiigichi Guddichaa Boqojjii kiiloo meetira kudhanii boru Boqojiitti akka adeemsisamu eeran.

Fiigichi kun yeroo 3ffaaf kan adeemsifamu

yoo ta'u, atileetota beekamoo dabalatee namoonni dhuunfaa kuma tokkoofi 500 ol ni hirmaatu jedhaniiru.

Ganda gootota kana kootaa daawadhaa kan jedhan kantiibaa Birihaaneen, Boqojiin atileetiksii ala iddoowwan hawwataa hedduu waan qabduufi qilleensishee mijataa waan ta'eef abbootiin qabeenyaas Boqojjii dhufaanii akka invasti godhan waamicha dhiheessaniiru.

Ministirri Turizimii Ambaasaaddar Naasisee Caaliis gamasaaniin akka jedhanitti, "Ganda fiigdotaa" jedhamuudhaan maatii atileetiksii addunyaa biratti baldhinaan kan beekamtu Boqojiin turistoota biyya keessaafi alaa birattis akka beekamtu gochuun barbaachisaadha.

Fiigichaan ala naannoleefi godinaalee adda addaatti aadaa ummataa, hambaalee biyyaafi qabeenya keenya daaw'ataa birratti beeksisuu qabna.

### Shaashamanneefi Hambaarichoon sigigaatan

- Baankiin daldalaa dursaa jira

**Finfinnee:** Shaampiyoonaan kubbaa miilaa kilaboota liigii piriimeerii Itoophiyaa baranaa xumuramuf taphawwan sadii qofti yoo hafu Hambaarichoo Duraameefi Shaashamanneen gara liigii biyyaalessaatti gadi deebi'unsanii beekameera.

Kilaboonni kunniin gara liigii biyyaalessaatti kan deebi'an taphawwan hanga ammaatti addemsisatanitti Hambaarichoon qabxii saddeet, Shaashamanneen ammoo qabxii 13 galmeesisuudhaan sadarkaa liigichaa maahessaarratti argamu.

Kilaboonni lameenuu shaampiyoonaa bara 2015tti liigii biyyaalessarraa gara liigii piriimeeriitti kan ce'an yoo ta'u, waggaa tokko keessatti sigigaachuudhaan bakka dhufanitti deebi'aniiru.

Shaampiyoonaa baranaatti gara liigii piriimeeritti kan ce'e Baankiin Daldalaa Itoophiyaa taphawwan taasifatetti qabxii 53n liigicha dursuudhaan abdi waancaa fudhachuf qabu baldhifateera.

Baankichi taphawwan sadan isa hafan lamatti mo'ate tokkotti walqixa yoo bahe shaampiyoonaa ta'uurraa kan isa ittisu hinjiru jechuudha.

Kilabni Machaal ammoo qabxii 50n sadarkaa lammaffaarratti yoo argamu, abdiin inni shaampiyoonaa ta'uuf qabu taphawwan sadan isa hafanitti sadanittuu yoo mo'atellee shaampiyoonaa ta'u hindanda'u. Kanaafuu abdiin Baankiin Daldalaa Itoophiyaa waancaa fudhachuuf qabu baldhaadha.

Walmorkichi dheengadda ittifufuudhaan Dirree Dhawaan Walqixxee 3-On, Inshuraansiin Adaamaa 4-1n mo'ataniiru.

Qabxiinsaanii maxxansaaf nuu dhaqqabuu baatus walmorkiin kun kaleessas Machaaliifi Shaashamanneen, Baahirdaariifi Walaayittaa jidduutti adeemsisameera. Boru ammoo liigicha dursaa kan jiru Baankiin Daldalaa Itoophiyaa Hambaarichoo Duraamee, Hadiyyaafi Hawaasaan ni taphatu.

### "Ka'umsi kiyya darbannaa eeboo, ittigalli kiyya maraatooniidhaan"

- Atileet Addisuu Goobanaa

**Finfinnee:** Bara injifannoo gootota maraatoonii Abbabaa Biqilaafi Maammoo Waldeerraa kaasee hanga har'aatti dirreewwan atileetiksii addunyaarratti, keessattuu fiigicha fageenya dheeratiin Itoophiyaan adda durummaan eeramti.

Injifannoo maraatoonii biyya keenyaa bara Abbabaa Biqilaafi Maammoo Waldee keessa Addunyaa ajaa'ibsiisee ture bara dhaloota Balaayinah Deensaamoo, Abbabaa Makonnoon, Gazaahany Abarraa, dubaraan Faaxumaa Roobaafi kkfn dadamaqee muldhate dhaloota har'aatiis ittifufeera.

Gaazexaan Bariisaas dhaloota har'aa keessaa tokko kan ta'e atileetii abdi boruu, Addisuu Goobanaa wajjin turtii taasisera. Addisuun dhalatee kan guddate Naannoo Oromiyaa, Godina Arsii, Aanaa Boqojiitti. Ispoortii kan jalqabe ammoo yeroo kutaa 9ffaa baratu ta'uu eereera.

"Iddoon ani itti dhaladhe Boqojiin omisha garbuufi qamadii maddiitti dargaggoota ispoorii atileetiksii horachuun beekama. Haalli qilleensa Boqojiifi naannawashee jirenyaaf mijataadha.

Mana barumsaatti ispoortii kanan jalqabe atileetiksiiidhaan miti. Dhiibbaa barsiisaa ispoortii mana barumsaa sadarkaa lammaffaa tokkooni. Waan qaamni kiyya furdaa tureef darbannaa eeboo akkan shaakalu nagorse. Achumaanin ittifufe.

Ergan barnoota 12ffaa xumuree booda aanaa kiyyaan filatamee



Wiirtuu Leenjii Atileetiksii Xirunash Dibaabaa Assalaatti argamutti makame.

Halkan sa'aatii 11:00tti ka'een atileetota wajjin shaakalaan ture. Fedhiin kiyyas yeroodhaa gara yerootti dabalaa dhufuun darbannaa eeboorratti xiyyeeffachuu jalqabe. Ta'us waanin maatii kiyyarraa fagaadheef gargaarsa dhabe ispoortii dhaabe. Boqojiitti deebi'uuf dirqameen ture.

Utuma kun kanaan jiruu adaadaan tiyya atileetii beekamtuun Ruutaa Aaga yeroo maatii gaafachuuf gara Boqojjii dhufu rakkina kiyya itti himadhe. Isheenis waan dandeetii kiyya beektuuf Finfinnee nafiddee darbannaa eeboo dhiisee fiigichaan ishee wajjin shaakaluu jalqabe.

Waanin kilaba hinqabneef kanin dorgomu dhunfaadhaani. Yeroo gabaabaa keessatti dorgommii qaxxaamura biyyaa, shaampiyoonaaawwan atileetiksii kilaboota Finfinneefi Oromiyaa wajjin dorgomee qabxii gaarii fidaan ture.

Leenjistoanniifi kilaboonni garee biyyaalessaa dandeetii kiyya hubatan. Guyyaa tokko leenjisaan garee atileetiksii

biyyaalessaa Hajjii Adeelloo nawaamee isa wajjin shaakaluu jalqabe. Guyyaan tun guyyaa carraan tiyya itti banamteedha.

Leenjisiichi atileetota beekamoo wajjin dorgommii qaxxaamura biyyaarratti nahirmaachise. Anis sadarkaa keessa galuun xumure.

Yeroo jalqabaatiif dorgommii walakkaa maraatoonii Finfinneedhaa gara Sandaafaatti adeemsisamerratti hirmaadhee osoon hanga kiiloo meetira 20 dursaa jiruu muuxannoo dhabuu kiyyaan 11ffaa bahe.

Sana booddee dorgommiiwwan biyya keessaafi alaarratti hirmaachuu jalqabe. Fiigicha maraatoonii Dubaayiratti hirmaadhee sa'aatii gaarii galmeessisuun atileetota beekamoo Addunyaa caalee tokkoffaa bahuudhaan mo'adheera. Iddoowwan adda addaatis hirmaachuudhaan milkaa'eera. Ammas milkaa'aan jira.

Hunda caalaa kan nagammachisu fiigicha olaanaa Itoophiyaa kan bara darbe iddoon itti dhaladhee guddadhe Magaalaa Boqojiitti kiiloo meetira 10n adeemsisamerratti hirmaadhee tokkoffaa bahuun mo'achuu kiyya.

Leenjisaan Abbaadha. Atileetonni leenjistootaanaa kabaju qabu. Injifannoo atileetii tokkoo duuba leenjisa cimaatu jira. Atileetonni kana hubachuudhaan leenjistootaanaa kabaju qabu jedha.

Ka'umsi kiyya darbannaa eeboo ta'us ittigalli kiyya Olompikii, shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaafi Afrikaati. Kana caalaa hojjedhee maqaa Itoophiyaa waamsisuuf kaayyoo guddaan qaba" jedheera.